



Suuri: Ashannaafii Guddataatiin



Sirna eeba barattootaa keessa



Aadde Saahilawarq Zawudee

## Yuunivarsitiwwan barattoota kumaatamaan lakkaa'aman eebbisiisan

Riippoortara Gaazexichaatiin

**Finfinnee:** Yuunivarsitiwwan biyyaattiin 16 sagantaalee barnootaa adda addaatiin barattoota kuma 32fi 849 eebbiisiisan.

Haaluma kanaan Yuunivarsitiin Finfinnee barattoota digrii jalqabaa, 2ffaifi 3ffaan barsiise 8,868; Yuunivarsitiin Jimmaa digrii jalqabaatiin barattoota 1,835, digrii 2ffaifi 282fi digrii 3ffaan torba walumaagalatti barattoota 2,124; Yuunivarsitiin Waldiyaa barattoota 1,359; Yuunivarsitiin Arbaa Minci barattoota 1,362; Yuunivarsitiin Walqixxe

barattoota 1,195; Yuunivarsitiin Samaraa barattoota 1,309; Yuunivarsitiin Dirree Dhawaa barattoota 1,211fi Yuunivarsitiin Waachaamoo barattoota 2,276 eebbiisianiiru.

Haaluma walfakkaatuun Yuunivarsitiin Amboo barattoota 3,753; Yuunivarsitiin Injibaaraa barattoota 754; Yuunivarsitiin Madda Walaabuu barattoota 4,017; Yuunivarsitiin Mattuu barattoota 647; Yuunivarsitiin Salaalee barattoota 855; Yuunivarsitiin Bulee Horaa barattoota 1,299

Gara fuula 14tti

**“Nageenya waareessuuf ejjennoon  
mootummaa marii nageenya  
eegalame ittifufsiisuudha”**

-Obbo Addisu Araggaa

Waaqshuum Fiqaadutiin

**Finfinnee:** Nageenya waareessuuf ejjennoon mootummaa marii nageenya eegalame cimsee ittifufsiisu akka ta'e Hogganaan Damee Subqunnamtiiifii Qunnamtii Idil Addunyaa Paartii Badhaadhinaa

Biyyalessaa Obbo Addisu Araggaa ibsan. Waadaa ummataaf seename dhugoomsuuf hariiroon hooggansaafi ummataa daran kan cimu ta'uus hubachiisaniiru. Ministiroonni, komishinaroonniifi hoggansi

Gara fuula 14tti



**Naannichatti  
hanginni  
dhiyeessii xaa'oo  
mudachuun  
ibsame**

Taammiruu Ragaasaatiin

**Finfinnee:** Bara omisha 2015/2016tti xaa'oo yeroodhaan kan hin dhiyatneef ta'u Biirroon Qonna Naannoo Itoophiyaa Kibba Lixaa beeksise.

Hogganaa Ittaanaa biirichaa kan ta'an obbo Asiraat Asfaaw ibsa addatti Dhaabbata Piresii Itoophiyaaf kennanin akka jedhanitti, hanga ammaatti xaa'oo kuntaala kuma 96 qofatu naannichaaf dhiyaate.

Kana malees, bara omishichaatti hangi xaa'oo naannichi barbaaduufi kan mootummaa murteesseef

Gara fuula 14tti

**Kiya**  
Partida Natural Water

Oomisha keenya Bakka bu'aa taatanii raabsuu yoo barbaaddan karaa lakk.  
**Bilbilaa 0985131313**

Teessoon : Boolee Bataskaana Madaaniyaalam fuuldura gamoo Oasils darbil tokkoffaa.

**“Hundeeffamuun mana  
barumsaa Jaarrraa Abbaa  
Gadaa duudhaa keenya  
guddifachuuuf gumaacha  
olaanaa qaba”**

- Jiraattota Boolee Bulbulaa

fuula 4



# ODUU

## Walfixuurra walhabbi mariin fixuun barbaachisaadha

### Waasihiin Takileetiin

**Finfinnee:** Gaafa Oromoona Gadaadhaan bula jedhamu ganamuma dimokraatawadha jechuudha. Kanaafis fakkeenya gaarii kan ta'u uumaa fi uumama maraaf kabaja qabaachusaati.

Walhabdeen taatee jireenya keessatti mudatu ta'uus mariirra humna filachuun garuu Oromo duubatti deebisurraa kan hafe bu'aa akka hinqabne dhugaa qabatamaadha.

Rakkoon nageenya Oromiyaa mariifi marabbaan furuuf mootummaan qabate tarkaanfi sirriifi ittufiinsa qabaachuu qabu akka ta'es jiraattonni Magaalaa Adaamaa addatti Dhaabbata Piresii Itoophiyaa yaadaa kenneen ibsanii.

Adaamaatti Raawwachiisaa Hojji Olaanaa Kutaa Magaalaa Danbalaa Obbo Daani'el Alamu walhabdee ABO Sheneefi Mootummaa giddutti mudachaa jiruun miidhama hamaa kan keessummeessaa jiru ummata Oromooti. Oromo saba sirna dimokiraasiin guddateefi walhabbi furuurratti Itoophiyarra darbee gaanfa Afrikaa fakkeenya ta'e yeroo dhiyoo as waliif duuluurra walitti duuluunsaa cabiinsa sabaarrar darbee diinas goobsaa akka jiru dubbatu.



Obbo Daani'el Alamu



Aadde Zamzam Huseen



Obbo Jamaal Kadiri

Oromoona ummata sirna Gadaatiin guddateefi dimokraasiidhaan ijaarame yoo ta'u, Itoophiyaa qofa ossoo hintaane Afrikaafi addunyaa birofillee fakkeenyummaan kan ka'u ture. Ta'uus yeroo dhiyoo as waliin duuluurra walitti duuluun hammaataa jira.

Diinotni "Abbaa Dabaree" jechuun Oromo gad qabuuf wixxirfachaa jiran walhabdeen qaawwa umametti fayyadamuun Oromo giddutti siyaasa dhokataa milkeeffachuu ifaajaa jiraachuunsaanii hubatamuu qaba jechuun; abjuu diinotaa kana kichuutti maseensuun ammoo dirqama Oromummaa ta'u dhaamaniiru.

Waljifannaan yaadaa gara gocha qabatamaan dabalamuunsaas ummatni qe'efi

qabeenyasaarrraa buqqa'uuf dirqamee, kaanis du'aaf saaxilamuu eeranii; "Ummata qabsoofneefiirra jennu fixnee enyuun bilisa baasna" dhimmi jedhamus hubatamuu qaba, jedhaniiru.

Oromoona jaarraa 21ffaa kana keessa qabsoo hadhaa'aa taasisee injifanloo siyaasaa galmeessise kana ittufiisuun faayidaa hawaasni keenya gama siyaasatiin, dinagdeefi hawaasummaan argachuu malu milkeessuuf walballeessuu keessaa baanee daandii jijiiramaatti ba'uun dirqamas jedhaniiru.

Bilisummaa argame nageenyaan dabaaluuf garaagarummaa jiru mariin furuun barbaachisaas ta'uun kan himan Obbo

Daani'el; Oromoona aarsaafi wareegama kanaan dura kaffalle ga'aa waan ta'eef wareegama biroo kaffaluun akka isa hinbarbaachisnes hubachiisaniiru.

Jiraattuu magaalaa Adaamaa Aanaa Irreechaa kan ta'an Aadde Zamzam Huseen gamasaaniin; Oromo jijiirama har'a argame wareegama qaalii fidee ossoo saba sirna dimokraasiin guddate ta'ee jiru nageenya dhabuusaan rakkoo akkana hamaa keessa seenuunsa gaddisiisa ta'u dubbatu. Walwaraansi kun cabiinsaafi bittinnaa uu malee Oromoof bu'aa tokkooyuu akka hin qabnes dhaamaniiru.

Hudhaa jijiirama Oromoof Oromiyaa skaalaalaa jiru bu'uurraa furuuf falli jiru waamicha nageenyaan mootummaan diriirse fudhachuu ilaafi ilaameef of qopheessuu akka ta'es jala sararanii.

Ijoollee Abba Gadaa ta'anii walcigaaduun dogoggora seenaa ta'uun himanii; lammif kan quuqaman taanaan walwaraansa dhaabuun walhabdee mariin furuun safartuu Oromummaa ta'uun kan ibsan ammoo jiraataa Magaalaa Adaamaa, Aanaa Irreechaa Obbo Jamaal Kadiri. Waamichi nageenyaan mootummaan dhiyates eebbfamaafi cimee kan ittufuu qabu ta'uus ibsanii.

## "Gaafan biyyaa ba'e biqiltuu dhaabeen ba'e; biyya koo tajaajiluuf yoomuu qophiidha"

- Atileet Fayyisaa Leellisaa



### Waaqshuum Fiqaadutiin

**Finfinnee:** Bara 2009 biyyaa ba'uun dura biqiltuu hedduu dhaabuusaafi ammas waan irraa eegamuun biyyasaa bilisaan tajaajiluuf qophii ta'u Atileet Fayyisaa Leellisaa ibse.

Atileetiin kun addatti akka Dhaabbata Piresii Itoophiyaa akka ibsetti, naannawaa bosona yabbuun beekamtukeessatti waca shimbirrootaafi yaa'aa laggeenii dhandhamachaa guddate. Bosoni yabbataan inni loon keessa tiksaa guddate sun yeroon booda manca'uunsaatti gadduun osoo gocha mootummaa cunqursaa ADWUI mormee biyyaa hinba'in dura biqiltuu hedduu dhaabuu danda'eraa.

Ammas waan qabuun biyya tajaajiluuf qophii ta'uun ibsee, dargaggooni kaani biyyasaanii roga maraan hiyyummaa keessa baasuuf yeroo kamuu caalaa xiiqeffatanii hojjechuun akka qaban dhaamaa.

Biyya rakkoo walxaxaa keessa turteefi jirtu kana olkaasun kan danda'amu tajaajila lammummaa mootummaan labse qofa osoo hintaane tumsaafi kutannoo nama hundaa barbaachisa kan jedhu Atileet Fayyisaan, haata'uutii, mootummaan misoomaa mitii biyya itti fufsiisuufu haala rakkisa ta'e keessatti hojji misoomaa jajjabeessaa hojjetaa jiru karaa guutuun milkeessuuf namni hunduu dirqama lammummaasaa ba'uun akka qabus yaadachiiseera.

Akka inni jedhutti, hojji tajaajila lammummaan hojjetame jajjabeessaa ta'uus baay'eetu hafa. Hundaa ol, dargaggoon Oromo ol jedhee deemuuf gad cabee hojjechuun qaba. Abbootiin qabeenyaas qofaa osoo hintaane aadaa waloon hojjechuun gabbifachuu qabu. Jiraachuu jijiiramuuf hojji kamuu tuffatamuu hinqabu. Ilaalcha siyasaan garaagarummaan jiraatus

biyya utubuuf qixa hiriiruun barbaachisaadha.

Agadaa gurguraa akkasumas ganna wayita boqonnaa Finfinnee dhaqee hojji guyyaa hojjechaa barachusaa himee, har'a garuu namootni baay'een biyya hambaatti hojji gadaanaaf karaa seeraan fiqurraa kan hafe biyya keessatti hojjetanii jijiiramuuf danda'amutti sababa hojji filuun bara hiyyummaa ofitti dheressaa akka jiranis qeeqeera.

Kaleessa dhiibbaa siyaasaa tureen miiри biyya jibbuufi lagachuun bal'inaan tureera kan jedhu Atileet Fayyisaan, har'a garuu hiyyummaa yoo ta'e malee dhiibbaafi cunqursaan biyya nama jibbisiisu waan hinjirreef humna waloon hojjetanii jijiiramuuratti fuuleffatamuu qabas jedheera.

"Bakkuma itti dhalanee guddanne yoo ilaalle rakkoon hawaasummaafi dinagdee bal'atau jira waan ta'eef yoo xiqaate waan qabnuun achumaa ka'uun rakkoo biyyaa furuuf yaaluun tarkaanfi tokko," jechuun namootni biyya keessaafii alaa tajaajila lammummaaf xiyyeffannoo akka kennan gaafateera.

Biyyaaf hojjechuun yoo dadhabameyyuu biyyattiitii ba'aa ta'uufi harka namaa ilaaluun hafee hojjetanii of danda'uun dirqamaa isa xiqaan namni hundi ba'achuu qabuudhas jedheera.

## Bakka ka'anirra lafa ga'antu murteessaadha

### Waaqshuum Fiqaadutiin

**Finfinnee:** Barattuu Siifan Mahaamad kan dhalattee guddatte Godina Jimmaa, aanaa Shabee Sombootti. Barattoota qabxii olaanaa galmeessisuun dorgommiidhaan Mana Barumsaa Bultii Addaa Waldaa Misoomaa Oromiyaatti barataa jiran keessa ishee tokko yommuu taatu, shamarrummafi barnootaa ilaachisee Dhaabbata Piresii Itoophiyaa waliin turtii taasisteetti.

Haalli jiruufi jireenyaan akkasumas faasilitiin mana barumsaa amma Siifan itti barataa jirtuu kan aanaa irraa dhuftee wajjin yommuu walbira qabamu fardaafi lafa. Mana barumsaa kana keessa meeshaaleen barnootaa, haalli barumsi itti kennamuufi haalli jireenyaan kana hafee hinqabu. Garuu, as ga'uuf cimtee hojjechuunshee ka'umsa akka ta'eef dubbatu.

Wayita gara godinaatti gad bu'amu rakkoon shamarranii dachaa ta'uun mala. Nama hindandamanneef gufuun bakka ka'anitti nama hambisu hedduudha kan jettu barattuu tun; ta'uun namni karaa fagoo imaluu yaadu gufuu yeroottin deemsasarraa boodatti akka hinjenne gorsiti. Manni barumsaa har'a itti barataa jirus qulqullina barnootaa xiyyeffannaa addaa waan kennuuf imalashee fuuldurafatit galtee guddaa akka ta'uuf abdatti.

Barattuu Siifan har'a Jimma osoo hintaane waan Bishooftu jirtuuf akka kaleessaa warrashii hojji gargaaruuf hindhiphattu, yaadnishee guutuun barnootaa milkaa'ina egereerratti hiriireera. Barnootaan booda akka bashannanaattis ta'e beekumsa gabbifachuu yerooshee kan dabarsitu mana kitaabaatti qofa.

Qabxii olaanaa fiddee akka barattoota Ministira Muum mee Doktar Abiyyiin carraan barnootaa alaa kennameef ta'uun kaayyooshee isa ijoodha. Qabxii olaanaan eebbfamanii mana barumsaafi



Barattuu Siifan Mahaamad

biyya maqaa waamsiunis hawwi keessashee bulle hojji dabaalamaa jiruudha.

Milkaa'inni haala mijataa yookiin gafuuwan har'a jiru qofaan osoo hin taane ifaaja nama dhuunfaan safarama kan jedhan ammoo Hogganaa Biirroo Barnoota Oromiyaa Doktar Tolaa Bariisooti. Isaanis kana kan ibsan feestivaalii manneen barnoota Ifa Boruu Bultii Addaafi Manneen Barnoota Addaa sadarkaa 2ffaa tibbana Adaamaatti taasifamerratti.

Doktar Tolaan saayintistii Itoophiyaa Doktar Biraanuu Bulchaa kan barana meeshaa addeessarra bishaan jiraachuu mul'isu argate walin turtii taasisu eeranii; saayintistin idil addunyaa argannoowwan ajaa'ibsiso jaha argate kun hanga kutaa 1ffaati Finfinnee, mana barumsaa hiyyeessotni itti baratanitti barachuu ibsanii.

Dhalootni yeroo hunda bakka ga'uuf yaade ilaafe imaluuf xiiqeffatee hojjetu milkaa'uunsa shakkii akka hinqabne Doktar Biraanuu fakkeenya gaarii ta'uun kaasani; mootummaan naannoo Oromiyaa mul'ata dhalootaa dhugoomsuuf barnootarratti xiyyeffannaa addatiin hojjechaa jiraachuu hubachiisaniiru.

# Ijoo Dubbii

## Baga gammaddan

Ammaan tana dhaabbileen barnoota olaanaa biyya keenyatti argaman barattootasaanii eebbisisa jiru. Keessumaa eebbi baranaa kanneen yeroowwan darbaniirraa adda; bara qormaanni bahumsaa dameelee barnootaa hundaan haala naamusa qabeessa ta'een ittikennamuu eegale waan ta'eef.



Kanaanis, dhaabbilee barnoota olaanaa mootummaa 48 iraa barattooni kumni 84, 627fi akkasumas dhaabbilee dhuunfaa 171 iraa kumni 109fi 239 galmaa'anii kanneen keessaa dhaabbilee barnootaa mootummaarraa barattooni kuma 77fi 981 ykn 592.15; dhuunfaarrraa kumni 72fi 203 ykn % 65.87 walumaagalatti barattooni kuma 150fi 184 qormaaticha fudhataniiru.

Barattoota kuma 48fi 632 dhaabbilee mootummaarraa qormaatichaaf ta'an keessaa % 62.37; kan dhuunfaarrraa % 17.2 qabxii darbiinsaa 50fi isaa ol galmeessisaniru. Waliigalaan barattoota kuma 61fi 54 qormaatichaaf taa'an keessaa % 40.65 qabxii darbiinsaa galmeessisuusaanii ragaan Ministeera Barnootaa ni ibsa.

Kun egaa ejjennoo cimaa mootummaan qulqullina barnootaa mirkaneessuuq qabatee hojjetaa jiruuf agarsiistuu guddaadha. Biyyifi ummanni barnoota qulqullinnisa eegameen ala damee kamiinuu guddatu waan hinjirreef hojii milkaa'an damee kanarratti hojjetamu badhaadhina roga maraatiif utubaa cimaa ta'ee kan tajaajiluudha.

Barnoonni qulqulluufi sadarkasaa eeggate furtuu rakkolee hundaati. Kana mirkaneessuuq ammoo haaluma jijiiramaa mootummaati as mul'ataa jiruun qaqqabummaa barnootaa dhugoomsuu maddiitti qulqullinasarrattis sadarkaalee bu'uuraarraa hanga olaanaatti sirnaawaa taasisaniifi imammataan utubanii xiyyeffannaan hojjechuun barbaachisaadha.

Eebbfamtoonis, akkuma qormaata bahumsaa injifannoodhaan xumuran oggaa boqonnaa jirenyaa haaraa eegalan dameelee biyyaafi lammisaanii fayyadan qofratti bobba'uun hojii milkaa'aa biyyaafi hawaasasaanirraa eebba dabaluuhu amanamummaa olaanaadhaan raawwachuuf injifannicha irra deebi'uuf of qopheessuuq abu.

Akkuma Pirezidaantiin RFDI Saahilawarqi Zawudee, "Barachuu jechuun jijiirama amalaa fiduudha. Hammeenyarra gaarii, dukkanarra ifa, dogoggorarriisa sirrii filachuufi hordofuudha. Beekumsaafi muuxannoo argataniin ba'aa warra kaanii baachuu, lammilee rakkoo keessa jiran utubuuf rakinicha keessaa baasuuf tattaafachuudha" jedhan kana galaa guyuu godhachuu hojirra oolchuu qabu.

Akkumas boqonnaan ittaanu isaaniif yero humna ofiitiin dhaabachuuftattaaffi itti eegalaan ta'u hubatanii otoo qormaata jirenyaa kamiifuu hinjilbeffatiin ciminaan keessa darbuuf garanumaa of qopheessuuq iraa eegama.

Dandeetii gonfataniin daandii milkaa'inaafi dhugaa qofaaffayyadamuu amanummaafi gaarummaadhaan biyyaafi ummatasaanii tajaajiluuf of qopheessuuq qabu. Bu'aan kun kan dhufe yero ofiiti sirnaan fayyadamuuf of kennanii hojjechuurraa waan ta'eef barsiifata gaarii kana jirenyasaanii ittaanu keessattis ittifayyadamuu qabu. Miira tajaajilummaa gonfachuuunis iraa eegama.

Hunda caalaa barattooni baranaa qormaata bahumsaa dameelee hundarratti seenaa barnoota olaanaa keessatti yeroo jalqabaatiif kennname, akkasumas bu'aa ba'iwwan darbitanii of, maatiifi biyya tajaajiluuf eebbaaf qaqqaban mo'attoota ta'u keessanii baga gammaddan.



## Adoolessa 10: Guyyaa tokkummaan Itoophiyaanotaa caalaatti itti mul'ate

### Saamraawiit Girmaatiin

Wiixata darbe ijoolleen Itoophiyaa kallattii afraniinuu jiran barii subii sa'atii 12:00 iraa eegalee hanga galgala sa'a 12:00 kaayyoo walfakkaataadhaaf socho'aa turan. Daa'immman, dargaggooni, dubartooni, maanguddooni midhamtoonni qaamaa, dubartooni garaatti baatan, kan ijoolee dugdatti baatan hunduu Itoophiyatti magariisa uffisuuf miiraan socho'aa turan

Ministirri Muum mee Abiyyi Ahmadis (PhD) wiixatni kan filatameef guyyaa sochiwwan hawaasummaafi amantiirraa bilisa ta'e ta'uusaatiiniifi lammii Itoophiyaa guyyaan kun isa jala darbu akka hinjiraanneef akkasumas, guyya jalqaba hojii ta'uusaatiin uumama bараaruudhaan akka eegalamu yaadamee ta'u fuula miidiya hawaasummaa isaaniirratti dursanii ibsanii turan.

Akkumas guyyichatti Itoophiyaanooni rikardiidhuma mataasaanii in qabame cabsuun akka iraa eegamuufi namuu rikardii mataasaa cabsuuf akka tattaafatullee waamicha dhiheessanii turan.

Bu'uura kanaan obboroo ofii jalqabanii lammilee kaaniitti hamilee horaa guyyaa guutuu dhaabaa oolaniiru. Aanga'onni sadarkaa federaalaarrraa kaasee hanga naannooleetti jiranis hanga sadarkaa godaatti gadi bu'uun biqiltuu dhaabaafi dhaabsisaa guyyicha dabarsan.

Lammileenis waamicha biyyaa kana miira guutuu fudhachuu dadhabee nuffe osoo hinjedhiin darbees roobaan osoo hindaanga'iin hanga sa'atii jedhametti dhaabaa oolaniiru. Guyyichatti biqiltuuwan miliyoona 500 dhaabuuuf karoori qabamee karooraal ol biqiltuuwan miliyoona 566 ol dhaabuuun riikardiin Itoophiyaanootaan qabame isaanumaan cabeera.

Kana ilaachisuun Doktar Abiyyi ergaa dabarsaniin, "Seena hojettaniittu, waamicha biqiltuuwan miliyoona 500 dhaabuudhaan riikardii mataa keenyaa akka cabsinu dhiyaate fudhantaniit kan baatan hundi galatatu isiniif mala. Seena magariisa hojettaniittu.

Seena magariisa barreessitanii. Qilleensa jeeqame, dachee golgolaa'e dhalootaaf hindhaalchifnu jettanii, utuu

borun hindimatiin gara gaarreniifi sululawwanitti, gara dirreewwanifi bakkeewwanitti bobbaatanii biqiltoota miliyoona 566 ol dhaabdanii. Riikardii keessan cabsitanii" jechuun gammachuu qaban ibsanii.

Naannolee, godinaaleefi aanalee hundatti mukkeen dhaabamuu eranii, bakkeewwan garagaraa dhaabbi biqiltuu kuma sagalii ol qophaa'uu, ogeeyyiin miidiyaa kuma sadiifi 600 ol guutummaa biyyattiit bobba'uun dubbatu. Akkasumas, ogeeyyiin teleefi qonaa galmeen odeeaffanno kan ammayyoome akka ta'u, taaksiwwan Magaalaa Finfinnee warra biqiltuu dhaabaniif geejjiba tolaa kenuun, daa'imman, haadholiin, abbootiin, midhamtoonni qaamaa, abbootiin amantaa, hedummintaan bahanii dhaabusaanii ibsu.

Seena magariisi Itoophiyaanoni hojjetan kunis Itoophiyaanoni yoo walta'an riikardiin hincabsine akka hinjirre kaasu.

Hojjin hojjetame kun kan lakkofsa qofaan waan guddaa hojjechuun akka danda'amu kan itti mul'ate qofa miti. Yoo tokkooman, yoo ajandaa waloo qabaatan, yoo waan yaadaniif of kennan wanti bira hinga'amneefi hindarbamne akka hinjirre kan mul'isudha.

Itoophiyaanoni akkuma wiixata darbee kana tokkomuun hiyyummaarratti, walqooduurratti, jibbaratti osoo sagalee, yaadaafi ajandaa tokkoon socho'anii irra aauuifi seena hojjechuuf illee muuxannoon kan iraa fudhatamuu maludha.

Qaamoleen guddinaafi misooma biyyatti hinbarbaanne muraasni ajandicha siyaasatti geessuuf yaalanillee ummanni gurra hinkennineef. Kun ammoo waantota hundarratti baratamuu kan qabuudha. Kanaa booda dhimma kamirratti qaama "anatu siif beeka" jedhu jalaa diduun qaanessuun baratamuu qaba.

Ega hojjin biqiltuu dhaabuu wiixata darbe akka duulaatti hojjetame ganna guutuu kan ittifufuudha. Biyyattinis ganna kana biqiltuuwan biliyoona 6.5 dhaabuuuf karoorfamees akka milkaa'uuf hunduu bakka jirutti biqiltuu dhaabuu qaba. "Ani dheengadda, kaleessa dhaabeera" jechuun osoo hintaane bakkaafi carraa argame hundatti fayyadamuu biqiltuu dhaabuu aadeeffatamuu qaba jenna.

## Bariisaa

Guraandhala bara 1969 hundaa'e.

Torbanitti al tokko, guyyaa Jimaataa,

Dhaabbata Piresii Itoophiyaatiin maxxanfamaa ture. Waxabajji

1,2011 iraa eegalee Sanbata maxxanfamaa jira.



Hoji Gaggeessaa Olaanaa Dhaabbata

Piresii Itoophiyaayaa

Lakk. bilbilaa - 011-126-42-22

Email :- [epa@press.et](mailto:epa@press.et)

Gulaalaan

Charinnat Hundeessaa

Lakk. bilbilaa 011-126-42-08

[chhundessa@yahoo.com](mailto:chhundessa@yahoo.com)

email-cherenethundessa@press.et

Teessoon:Kutaa Magaalaa Nifas Silki Laaftoo

**Opheessitootni:**

Saamraawit Girmaa

Natsaannat Taaddasaa

Bayyanaa Ibraahim

Waasihiun Takilee

**Adeemsisa Hojii**

Bil. 011-126-42-22

**Kutaa Beeksisa:**

Bil. 011-156-98-73

**Raabsa Gaazexaa**

Bil. 011-157-02-70

**Faaksii Kutaa Ophii**

251-011-1-5698-62

L.S.P 30089

[email-bariisaa@press.et](mailto:email-bariisaa@press.et)

**Ethiopian Press Agency**

# ODUU

## Inistitiyuutichi dhibee omisha warqee maqsuuf hojjechaa jira

Taammiruu Raggaasaatiin

**Finfinnee:** Dhibeewwan omisha warqee miidhan maqsuuf hojjechaa jiraachuu Inistitiyuutiin Qorannoo Qonnaan Oromiyaa beeksise.

Daarektarri olaanaan Inistitiyuutichaa Obbo Tashoomaa Boggaalaa ibsa addatti Dhaabbata Piresii Itoophiyaaf kennaniin akka dubbatanitti, Oromiyaa godinaalee Shawaa Lixaafi Shawaa Kibba Lixaatti biqiltuun warqee dhibee baakteriyaatiin miidhamaa jira.

Dhibeen warqee gogsuufi karaa tuttuqaa meeshaaletiin warqee tokkorraa isa kaanitti kan darbu ta'uu ibsanii; inistitiyuutichi sababa ka'umsa dhibichaa qorannoodhaan adda baasuuf sochii taasiseen ka'umsisaabaaakteeriyaa ta'uu mirkaneessuu himaniiru.

Hanga ammaatti dawaan baakteeriyicha balleessu argamu baatus meeshaalee warqee dhibame ittiin tuqaniin warqee fayyaa tuquurraa of qusachuun tatamsa'inaa baakteeriyicha hir'isuuf akka gargaaru hubachiisaniiru.

Omishni warqee yoo teknolojiidhaan deeggaramme omisha wabii nyaataa mirkaneessuurra darbee galii qonnaan bulootaa dabaluurratti shoora guddaa qabaatullee omishaafi omishtummaasaa dabaluuf teknolojii hojisaa salphisu kalaquun, sanyii dhibee garaagaraa dandamatu qorannoodhaan baasuurrti hojjetamaa jiraachuu dubbataniiru.

Hojii kalaqa maashinii warqee duuguufi ammichoosaa bulleessu kalaquurrti Giddugala Qorannoo Maandisummaa Qonna Baakkoo akka fakkeenyattis eraniiru.

Daarektarri giddugalichaa Obbo Galgaloo




Kibbi gamasaanitiin akka dubbatanitti, hojiin qophii warqee karaa aadaatiin dubartootaan hojjetamu rakkoo qulqullinaafi dhaamaatii guddaa kan qabuudha.

Giddugalichi maashinii warqee duuguufi ammichoosaa dafee bulleessu qorannoodhaan kalaquu ibsanii, maashinichi sa'atii tokko keessatti amichoo warqee 20 hanga 30 bulleessuu akka danda'u ibsaniru.

Maashinicha namni dhuunfaanis ta'e gamtaadhaan gatii salphaa ta'een bitatanii ittifayyadamaa jiraachuu ibsanii; dabalataanis giddugalichi Inistitiyuutii Qorannoo Qonna Fedaraalaafi qooda fudhattoota biroo waliin ta'un maashinicha iddoowan hundatti babal'isaa jiraachuu dubbataniiru.

Maashinichi motora abba humna fardaa shaniin kan hojjetu yommuu ta'u, sa'atii



Obbo Tashoomaa Boggaalaa

tokko keessatti boba'a liitira tokko qofaan ammichoo warqee hedduu bulleessuu danda'a jedhan.

**"Hundeeffamuun mana barumsaa Jaarraa Abbaa Gadaa duudhaa keenya guddifachuuf gumaacha olaanaa qaba"**

- Jiraattota Boolee Bulbulaa

Gammachuu Kadiriin

**Finfinnee:** Boolee Bulbulatti maqaa goota Oromootiin hundeeffamuun mana barumsaa duudhaa Oromoo Tuulamaa iddootti deebisuuuf guddisuuuf gumaacha olaanaa qaba jechuun jiraattonni Boolee Bulbulaa beksisan. Manni barumsaa Jaarraa Abbaa Gadaa Barnoota Idileen Duraafi Sadarkaa 1ffaa dheengadda tajaajilaaf ifa ta'eera.

Jiraataan Kutaa Magaalaa Boolee Abbaa Gadaa Girmaa Galaanaa eebbicharratti argamauun ibsa addatti Dhaabbata Piresii Itoophiyaaf kennaniin, maqaa goota Oromootiin Boolee Bulbulatti manni barumsaa hundeeffame gaaffii ummataa duraan ture deebisuun aadaa oromoo guddisuuuf gumaacha olaanaa qaba jedhaniiru.

Sabin Oromoo afaansaan daa'immansaas barsiifatee enyummaasaa akka dagaagifatu taasisuun gaaffii qabsaa'otaa duraaniif deebii kan laateedh ajedhanii; gammachuu guddaan isaanitti dhaga'amuu ibsaniru.

Akka ibsa isaanitti, manni barumsichaah enyummaa ummatichaa deebisa, daa'imman akka of baran taasisuun sirna Gadaa cimsa. Hawaasi nannawaa mana barumsichaah ijolleesaanii mana barumsichaatti erguun duudhaafi seenaasaanii akka dagaagifatan eeranii; gara fuulduraatti mana barumsichaah akka kunuunfataniifis waamicha dhiyeessaniiru.

Barsiisftun mana barumsichaah Zarituu Fiqaduu gamasaaniin, maqaa goota Oromoo gameessaan ijaaramuu mana barumsichaah adda isa taasisuu dubbatanii; hawaasa naannawaa mana barumsaa

Gara fuula 13tti

## Bu'aalee qorannoo walitti hidhamiinsa industiriifi humna nama baratee cimsuurratti fuulleffate

Gammachuu Kadiriin

**Finfinnee:** Bu'aan qorannoo walitti hidhamiinsa industiriifi humna nama baratee cimsuurratti xiyyeffatee barattoota Yunivarsiitii Saayinsii Teknolojii Finfinneen ifoome.

Agarsiisi bu'aalee qorannoo barattootaa marsaa sadaffaan Kibxata darbe moooraa yunivarsitichaa keessatti dhiyaateera.

Daarektarri giddugala gabbisa ogummaa yunivarsitichaa Doktar Ayyalaa Maandafroo ibsa Dhaabbata Piresii Itoophiyaaf kennaniin, bu'aaleen qorannoo ebbifamtoota yunivarsitichaa walitti hidhamiinsa industiriifi humna nama baratee daran cimsa. Bu'aaleen qorannoo kunneen industiriifi ebbifamtoota walitti fiduurratti gumaata guddaa qaba.

Bu'aaleen qorannoo kunneen ebbifamtootni kaampaaniwwan waliin ta'uudhaan carraa qacaramuufi hojii dhuunfaasaanii uummachuuf kan gargaaru yommuu ta'u



Doktar Ayyalaa Maandafroo

barattoota 20n wiirtuu gabbisa ogummaa keessatti qophaa'anii dhaabbilee 45 oliifi ebbifamtoota 1000n kan daawwatamaniihda.

Dabalataanis, walitti dhufeeyaa industiriifi yuunivarsitichaa cimsuuf barsiisota waliin ta'uun barsiisotni industiriirraa dhufanii barumsa kennaa akka jiran himanii; isaan keessaa industiriin gogaafi Wiirtuu Qorannoo

Qonna Holotaa akka fakkeenyattis kaasaniiru.

Muummee Injinariingii Keemikaalaatti barataa Geetaahuun Minaala gareesa waliin ta'un deeggarsa ogummaa argatanii balfa industiriifi haftee omisha qonnaa naannawaatti argamurraa xaa'oo uumamaa hojjechuu danda'era. Bu'aan qorannoosaanii kunis tuqaalee xaa'oo wayita amma gabaarra jiru Yuuriyaafi Daappii giddugaleeffatee kan qophaa'eedha. Bu'aan qorannoo kun asiidummaa biyyee babal'achaa jiru ittisuuf shoora olaanaa akka qabus himeera.

Intarpiraayizii Michummaa mirkaneessa xaa'oo uumamaa Itoophiyaaf bu'aan qorannichaaf beekamtiin kennuu kan eere barataan kun; dhuunfaanis ta'e walta'iinsa industiriin carraa hojii uummachuuf kan gargaaru ta'uub dubbateera.

Akka ibsa barataa kanaatti, bu'aan qorannoo garichaa xaa'oo wayita ammaa gabaarra jiru dhibbeentaa 75n bakka bu'a. Deeggarsa faayinaansii ga'aa yoo argatan sona kan dabalan ta'u. Wagggaa tokko keessatti

sagantaa bizinasi xaa'oo kuntaala kuma 50 hanga 70 qopheessuuuf karoorfataniiru.

Haaluma walfakkaatuun, barattuu Faaxumaa Hasan Muummeedhumaa Injinariingii Keemikaalaatti gareshee waliin ta'un meeshaa qulqullina dubartoottaa (moodasii) haftee baala warqeerraa hojjechuu dandeesseetti. Meeshaa qulqullina dubartoottaa baay'eensaa biyya alaatii waan galuuuf faalama naannawaa akka qaqqabsiisu himtee; kan gareshee waliin qopheessitee kun garuu faalama naannawaa hir'isuurratti gumaacha guddaa qabaachuu ibsiteetti.

Pirezidaantiin yunivarsitichaa Doktar Darajee Ingidaa gamasaaniin, galmoota misooma biyyaa dhugoomsuuf barattooti yunivarsitichaa barumsa gochaan deeggaramme akka argatan taasifamaa jiraachuu ibsanii; ebbifamtoota yunivarsitichaa hojii kalaqa dhuunfaasaanii kan qaban akka ta'eefi fuuldrattis yunivarsitichaa sadarkaa idil addunyatti akaakuu barnootaa 13n beekamaa akka ta'uuf hojjetamaa jiraachuu beeksansiiru.



**Yoo walta'ame...**

**fuula 9**



**"Finfinnee qonni magaalaa  
ittibabal'ateefi fayyadamummaan  
qonnaan bulaa ittimirkanaa'e gochuuf  
xiyyeeffannaadhaan hojjenna"**

- Obbo Baayyu Shigguxee

**fuula 6**



**Obsineet Gaaromaa:  
Narsii qaxalee qabxii 100  
keessa 99 galmeessiste**

**fuula 11**



**Barreeffamni kun walta'iinsa Dhaabbata Pireesii Itoophiyaafi Yunivarsitii  
Bulee Horaa wajjin walta'uun ji'atti al-tokko kan dhiyaatuudha**

## **Eebba Yunivarsiitii Bulee Horaa Marsaa 10ffaa**

Yunivarsiitiiin Bulee Horaa barattoota ogummaa adda addaatiin barsiisaa ture marsaa 10ffaaf eebbiisiise.

Yunvarsitichatti barattooni ogummaa garaagaraatiin barataa turan digirii jalqabaa 907 fi digirii lammafaa 392 walumaagalatti barattooni kuma tokkoofi 299 kaleessa bakka Obbo Ahmad Adam Ittiqaafatamaan Dhabbilee Barnoota Olaanoo akkasumas Obbo Adulaa Hirbaayye Bulchaan Bulchiinsa Godina Gujii Lixaafi Miseensa Boordii Yunivarsiitii Bulee Horaafi Abbootiin Gadaa argamanitti bifaa ho'an eebbfamaniiru.

Saganticharratti ergaa baga gammaddanii kan dabarsan Pirezidaantiin Yunivarsiiticha Doktar Fiqaduu Waldamaariyaam guyyaan kuni guyyoota milkii addunyaa tanarra jiran keessaa isa addaifi ogummaa abbaa biyyummaa argachuu keessan kan ittiin mirkanoeffattan, akkasumas injifannoo qorumsa ba'umsaa si'a jalqabaaf kan ittiin milkooftan isin gootota, waan ta'eef baga ittiin isin gahe jechuun, barnoota barattan kanaan ofirra dabartanii biyyaaf akka tajaajiltan abdi cimaafi imaanaa qabdu jechuun dhaamaniiru.



Dabalataanis ebbifamuun boqonnaa buufataa osoo hintaane boqonnaa deemsaa guddinaa isa jalqabaa waan ta'eef carraa barachuu isiniif hafeef akka karoorfattan isinirraa eggama jedhaniiru. Sagantaa kanarratti haasawa baniinsaa

kan taasisan Obbo Adulaa Hirbaayye, Bulchaan Bulchiinsa Godina Gujii Lixaafi misesensa Boordii Yunivarsiitii Bulee Horaa haasawa taasisanii, isin dhaloota qubee waan taataniif hegereen biyya keessanii harka keessan keesa jirti, kanaafuu jibba

osoo hintaane jaalala, gargar ba'uu osoo hintaane tokkummaa, eeggattummaa osoo hintaane hojjachuu irratti xiyyeeffattanii saayinsii barattanii biyya akka tajaajiltanii jabaadhaa jedhaniiru.

**Yunivarsiitii Bulee Horaa**

## KEESSUMMAA BARIISAA

# “Finfinnee qonni magaalaa ittibabal’ateefi fayyadamummaan qonnaan bulaa ittimirkanaa’e gochuuf xiyyeeffannaadhaan hojjenna”

- Obbo Baayyu Shigguxee

Saamraawiit Girmaatiin

*Yeroo baay’ee waa’een qonnaan yommuu ka’u hojii baadiyyaatti qofa hojjetamu taasifamee fudhatama. Wayita ammaa garuu waan ilaalchi sun jijiiramaa dhufe fakkaata. Keessumaa Inisheetivii Ministirri Muummee Itoophiyaa Abiyyi Ahmad (PhD) eegalchisaniin waggoota sadii as jijiiramni olaanaan mul’ataa jira.*

*Magaalota qonni kun itti babal’ate keessaa ammoo magaalaa Finfinnee ishee tokko yoo taatu, nutis dhimma kanaafi fayyadamummaan qonnaan bultoota magaalitti ilaalchisuun Komishinara Komishinii Qonnaan Bultootaafi Qonna Magaalaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee Obbo Baayyu Shigguxee keessummaa keenya maxxansa kanaa taasifanneeraa dubbisa gaarii!*

**Bariisaa:** Mee jalqabarratti wal haa barruutii Obbo Baayyuun eenyu, eessatti dhalatanii guddatan akkasumas baratan?

**Obbo Baayyu:** Tole, ani Baayyu Shigguxee Nabiin jedhama. Godina Arsii, Aanaa Doddotaattin bara 1966 dhaladhe. Barnoota koo hanga kutaa ja’aa bakkuma dhaloota kootti, kutaa 7ffaa hanga 12ffaatti ammoo Aanaa Adaamaa, Magaalaa Wanjiittin baradhe.

Isa booda barsiisummaadhaan waggoota muraasa barsiiseen bara 1989 kaasee naannoo Oromiyaatti hoggansa sadarkaafii sektara garagaraarran ture. Bara 2013 irraa eegaleemmo gara bulchiinsa Magaalaa Finfinneetti dhufuun Komishinara Komishinii Qonnaan Bultootaafi Qonna Magaalaa ta’ee hojjechaan jira.

**Bariisaa:** Komishiniin hoggantan kun hojii akkamii hojjeta?

**Obbo Baayyu:** Komishiniin keenya ergamawwan lama qabatee hojjeta. Inni duraa bulchiinsa Magaalaa Finfinnee keessatti mirgi qonnaan bulaa eegamee magaalaa fayyadamummaansaa itti mirkanaa’e taasisuudha. Lammafaan ammoo qonni magaalaa babal’atee sadarkaa magaalota Afrikaatiif fakkeenyta’uudha.

**Bariisaa:** Gama kanaan otoo hojiilee hojjetamaa jiran nuu kaastanii?

**Obbo Baayyu:** Akkuma beekamu qonnaan bulaan mirgisa karaawwan baay’eedhaan dhiibamaa ture. Keessattuu magaalaa kanatti mirgisaan daran dhiibamaa akka ture seenaan ni ibsa. Jijiiramni amma jiru akka dhufuufillee ka’umsa kan ture waa’ee qonnaan bulaa Magaalaa Finfinneefi naannawaashee jiraniidha. Kanaaf komishiniin kunis seenaa kana jijiiruuf kan hundaa’eedha.

Komishiniin kun gaafa hundaa’u qonnaan bultoota kanneen deebisanii dhaabuun hojii duraa ture. Kanaafis qajeelfamotaafi hammattuuwwan seeraa addaddaa qopheessuu barbaachisaa ture. Kanaaf qonnaan bulaan bara 1986 irraa kaasee magaalattiit lafasaarrraa beenyaa xiqqootiiniifi beenyaa malee buqqa’aa ture. Isa kana deebisanii dhaabuuf galmeessa gaggeessuu gaafata.

Galmeessaaf ulaagaa adda baasuun dirqama. Bu’uruma kanaan qajeelfamicha bu’uura godhachuu waliigala qonnaan bulaan buqqa’ee meeqa isa jedhu adda baasuutu hojjetame. Kunis marsaawan sadiin kan gaggeeffame yoo ta’u, waliigala qonnaan bultoota kuma 43fi 478tu maatiisaa wajjin adda ba’ee jechuudha.

Kana mataasaa ammoo sadarkaalee lamatti adda baasne. Inni jalqabaa qonnaan bulaan miidhaa cimaan irra ga’ee laftisa guutuummaan kan jalaa fudhatame, galii hinqbne, daandirratti ba’ee dhaabbilee amantii jala bulu, kan biyyaa baqate ykn fira bira gale jennee sadarkaa duraarratti dursanii deebisanii dhaabuudha.

Haaluma kanaan qonnaan bultoota kuma tokkoofi 370 deebisanii dhaabuuf deggarsi taasifamuu eegale. Kanneen keessas 54 ji’aa ji’aan deggarsi nyaataafi kira manaa kanfaluun hojii hojjetame keessati. Kanneen hafan ammoo hojjechu warra danda’an naannawaasaaniitti gurmessuun, liqifi iddo hojii mijessuun akka of jijiiran hojii bal’atu hojjetame.

Qonnaan bultooni kunneen miidhaan hawaas dinagdeefi xiinsammuu waan irra ga’ef sana keessaa of baasanii akka jijiiramuu danda’an leenjiwwan ogummaafi qophiin sammuu kennameeraaf. Haala kaleessaa keessaa ba’ani har’aa misoomatti galuu akka danda’aniif jechuudha.

Kanahojiittihiikuufispijektotaaddaddaa qopheessuu gaafata ture. Kunneen adda baafamanii qophaa’aniiru. Kanneen keessaa manneen barnootaa lama, abbaa darpii afurii kutaalee magaalaa Aqaaqifi Eekkaatti ijaaruun ijoollee ittibarsifataa madda galiiliee akka godhatan xumuramee qonnaan bultooni 300 fayyadamoo ta’aa jiru.

Akkasumas ogummaasaanii giddugaleessa godhachuu horsiisa beeyladaa, aannan loonii omishuufi furdisuun akkasumas lukkuu horsiisurratti qarshii biliyoona tokkoo oliin giddugalli pirojekti marsaawan sadiin ijaaramaa

*Suurri: Agaaphee Giyooniin*



jira. Wayita ammaa marsaan lammafaa xumurameera.

Giddugalli kun kutaa magaalaa Aqaaqitti kan argamu yoo ta’u, sheediwwan 60 qaba. Kunneen horsiisa lukkuurratti sheediwwan 18 kan ijaaraman yoo ta’u, 11 xumuramaniiru. Sheedii loon furdisuufi looniirratti sheediwwan 20, 20 karoorfamanii 10, 10 xumuramaniiru. Nyaata loonii achumatti qindeessuuf ammoo sheediwwan lama hojjetamaa jiru. Kanneen xumuraman keessatis qonnaan bultoota 485 gurmessuun qabatamaan hojiitti galfamaniiru.

Kana malees pirojekti kana keessatti suuqii omishni keessatti agarsifamuufi gurguramu 44 kan qabu yoo ta’u 32 xumuramanii hojiitti seenaniiru. Kana keessatti ijoolleedhumti qonnaan bultoota buqqifamanii fuudhanii gabaaf dhiheessuu akka danda’an walitti hidhamiinsis uumameeraaf.

Hojii hojjetame kanaan qonnaan bulaan lafa kaleessa irraa buqqa’afi dhiibamaa turerratti deebi’ee karaa ammayyaawaa ta’een hojjetaa jira. Bara dhufuus pirojektonni afur kan eegalaman ta’u. Gamoowwan afur kan qonnaan bulaan deebi’ee irratti hojjechu danda’u jechuudha. Akka waliigalaatti hojiin qonnaan bulaan deebisanii dhaabuuf eegalame jalqabbiinsaa gaariidha jechuu

## KEESSUMMAA BARIISAA

**"Finfinnee qonni magaalaa itti babal'ateefi fayyadamummaan ...**

dandeenyaa.

Kanarra darbeemmo xiqaatus guddatus qonnaan bulaan lafasaa akka harkatti qabatu, irrattis akka abboomu qabiyyee abbaa lafummaas akka argatuuf hojjetamaa jira. Sababnisaas kanaan dura qabiyyummaan waan hinkennamneefif qonnaan bulaan amantaa "lafti kun kiyya" jedhu waan dhabeef misoomsuu hindanda'u ture. Amma qonnaan bultoota kuma 3fi 461 sadarkaa magaalatti kaartaan hojjetamee harka ga'aa jira. Marsaa lammafaanis ittifufa. Kunis qonnaan bulaan lafasaarratti akka misoomsuuf ofitti amanamummaa uumaafi.

**Bariisaa:** Ammaantana qonnaan bulaan Finfinnee sodaa buqqifamuufi dhiibamu keessaa guutummaatti ba'ee lafasaarratti ofitti amanamummaadhaan jiraataa jira jechuu dandeenyaa?

**Obbo Baayyuu:** Akkuman siin jedhe hojiin hojjetaa jirru jalqabbiidha malee isa xumuraa miti. Gaafa jalqaba "Lafa keessanif kaartaa isinii baasna, misooma caalmaa boriif qabiyyee abbummaa lafaa argachuu qabdu" jennee gaafa itti seennu kaleessa kanneen lafa qonnaan bulaa karaawwan addaddaa saamaa turan qonnaan bultoota dogoggorsaa turan. Kunneen faddaaloota, hojjettootaafi hoggansa mootummaa akkasumas qonnaan bultootatuma keessa kan jiran yoo ta'u, "Lafa keessan isinirraa guuru malee qabiyyee mirgaa isinii uumuuf miti" jechuun burjaajiin uumamaa ture.

Kanarraa ka'uun qonnaan bultooni baay'een lafasaanii galmeessisuuf eeyyamamaa hinturre. Akkuma kanneen boodatti harkifatan turan warri waan jennetti amanani dhufan wayita ammaa kaartaasaanii fudhataniiru. Warri kaanis, "Amma hubanneerra, amanneerra, dura faddaalaatu jidduu keenya ture. Lafti keenya nuuf haa safaramu" jedhanii gaafachaa jiru.

Kana malees wayita ammaa lafasaanii misoomsaa jiru. Qonnaan bultooni gara invastimantiitti ce'an jiru. Kaan dhiisnee qonnaan bultooni lafasaanii ratti horiifi lukkuu horsiisuudhaan ofirra darbanii carraa hojii uumaa jiran jiru. Akkasumas manneen barnootaa ijaarratan, warshaa daabboo eebbisifatan, mankuusaawwan ijaaranii kireeffatan jiru. Lafa ofiiratti misoomsuun akka danda'amu argaa jiru jechuudha.

Kanaan sadarkaa barbaadumurra geenyerra jechuu baannus jijiirama guddaatu jira. Fuuldrattu caalaatti xiyyeffatamee hojjetama. Qaamni akka jalqabbiin kun hinmilkoofnef socho'u jira.

**Bariisaa:** Tarkaanfin qabatamaan qaama kanarratti fudhatame jiraa?

**Obbo Baayyuu:** Waa'een lafa safaruu kan jalqabame bara 2013 ture. Yeroo sanas qonnaan bulaaf laftisaa osoo waa tokko irraa hinsharafamiiin



safaramee kennamuu qabuu karaawan addaddaatiin akka dhabu gochaa turan. Osso ijoollee qonnaan bulaa hinta'iin waraqaa eenyummaa sobaa baasuun, qonnaan bulaan nama dhalasaa hintaane kiyya jedhee akka galmeessisu taasisuun, koree bakka bu'oota qonnaan bulaarraa eegalee hanga hoggansa mootummaatti jiran qoratamee tarkaanfiin fudhatameera.

Fakkeanyaaf qonnaan bulaa keessaa 81 kanneen ta'an irratti tarkaanfiin fudhatameera. Tarkaanfiin fudhatameenis mirgoota karaa seeraan alaatiin argaman hunda kaartaa kenname dabalatee akka haqamu taasifameera. Faddaalonni, maahindisooniifi qaamoleen sektara mootummaa keessa jiranis tarkaanfiin irratti fudhatameera. Hojiin barana hojjetamu odiitii ni taasifama. Yeroo yeroodhaan qoratamee tarkaanfiin barbaachisu sadarkaa sadarkaadhaan kan fudhatamu ta'a.

**Bariisaa:** Gama kanaan qonnaan bulaan hundi abbaa qabiyyummaasaa akka mirkaneeffatuuf eenyuutu maal hojjechuu qaba?

**Obbo Baayyuu:** Hundaa ol qonnaan bulaan waan kaleessaa keessaa ba'uu qaba. Faddaalonni gidduu deemanii burjaajessanii lafasaa harkaa baasuun akka hindanda'amne, yoo karaa sirrii dhufe tajaajilli barbaadu akka kennamuu, lafasaarratti mirga guutuu akka qabu, misoomsuu akka danda'u beekuu qaba.

Yoo mootummaan lafasaa misooma caalmaaf barbaades seeriifi danbiin taa'ee waan jirruuf beenyaan ga'aa, iddoon bu'iinsa sirri kennameefi fayyadamummaan isaa osoo hinhamfiin keessummaa'uu waan danda'uuf lafasaa dabarsee kennuu hinqabu.

Gama mootummaatinis hordoeffifi

to'annoona taasifamu yeroo yeroodhaan taasifamuufi deggarsi barbaachisaa ta'e taasifamuufin caalaatti gara invastimantiitti akka ce'uuf haala mijeessuun cimsee itti fufuu qaba.

**Bariisaa:** Ilmaan qonnaan bulaa mana waliin jirenyaa kennameef gurguruu fa'iin walqabatee rakkooleen adda addaan akka mul'ataniidha kan dubbatamuutii dhimmoota akkanaarratti komishiniin keessan maal hojjetaa jira?

**Obbo Baayyuu:** Kanaan walqabatee gara manneen jirenyaa kuma 22fi 915 qonnaan bulaafi maatiisaaf kennamaniiru. Kanneen keessaa jaarsasaaniitiin walqabatee rakkoon akka magaalatti uumame akkuma jirutti ta'ee, manneen kuma 12 ol xumuramanii furtuun kennameeraaf. Manneen kanneen is kan itti galaniifi kireessan jiru. Kanneen gatii hinmalleen gowwamsa addaddaatiin gurguran akka jiranis odeeaffano qabna.

Sadarkaa qajeelfamaatti qonnaan bulaa manneen kanneen waggoota 10f dabarsuu akka hindandeenyee taa'eera. Kanarra darbee yoo argameefi mootummaan bira qaqqabe manichi gara mootummaatti akka deebifamu taasifama. Kanaafis waltajji addaddaa mijeessuun hubanno uumaa turreerra.

Keessattuu manneen waliin jirenyaa kanneen akka salphaatti akka hinilaalle, gaaffiin qonnaan bulaa kanaa akka deebi'uuf qeerroofi qarreen Oromiyaa Baalee, Harargee, Wallaggaafi godinaalee biro jiranillee utuu hinhamfiin lubbuusaanii akka itti dhabaniifi gatii itti kanfalan ta'uufi manicha gurguruun seenaa gurguruu akka ta'e barsiisa turre.

**Bariisaa:** Hojiileen qonna magaalaan walqabatee hojjetamanoo maal fa'?

**Obbo Baayyuu:** Yeroo baay'ee waa'een qonnaa yommuu ka'u baadiyyaa qofa giddugaleessa godhanii ilaaluutu jira. Magaalaan Finfinnee keessa garuu humna qonnaa olaanaatu jira. Kutaalee magaalaan 11n jiran keessaa ja'a kan qonnaan bulaan keessa jirudha. Kana jechuun lafa bal'aatu jira. Kanaaf lafa kanarratti qonna magaalaatiin akka caalmaatti omishaafi omishtummaa uumuun danda'amu, wabii nyaataa maatii mirkaneessurra darbee dhiheessii gabaa magaalaan keessatti shoora olaanaa akka ba'atu deggarsiwan addaddaa taasifamaa tureera.

Haala kanaan waggoota sadan darban kana bulchiinsi magaalaan bajata ramaduun sanyii filatamaafi xaa'oo qonnaan bulaadhaaf bilisa dhiheessaa ture. Hojiin hojjetame miidhaa kaleessa qonnaan bultootarra ga'aa ture bakka buusa jechuu baannus qonnaan bulaa cimsuufi omisha dabaluuf kan hojjetamaa tureha.

Ganna qofa omishanii kan dhiisan osoo hintaane wagga guutuu akka omishanifis paampii 200 ol jallisiifi boneef fayyadu kutaalee magaalaan ja'an keessatti qonnaan

# “Finfinnee qonni magaalaa itti babal’ateefi fayyadummaan ...

bultootaaf hirameera. Dabalataanis deggarsi ogummaalle taasifamaa jira.

Kanaan qonnaan bulaan “Kaleessa magaalaa na dhiibaa turte, rakkoo narraan ga’aa turte” ilaalcha jedhu keessaa ba’ee har’aa “Magaalaa wajjinin guddachuu danda’aa” jechuu eegaleera. Magaalaanis “Qonnaan bulaan na fayyada, waliin guddachuu fala malee waldhiibuun misoomni hindhufu” yaadni jedhu gabbateera.

Akkasumas, ilaalchi qonni baadiyyaa keessatti qofa akka adeemsifamutti yaaduu jijiramee qe’ee ofii, qodaawwan addaddaa keessatti yoo xiqaate muduraawwan omishuu akka danda’amu hubatameera. Keessattuu qaala’ina jirenyaa yeroo ammaa addunyaarratti mul’ataa jiru, akka biyya keenyaatti ammoo utuu waan baay’ee harkaa qabnuu miidhaa nurraan ga’aa jiru kana qolachuuf namni magaalaa keessatti waanuma muraasa omishuu akka danda’an bara 2014 karaa sosochii uumuutiin hojjetamaa ture.

Magaala keessatti qonna hojjechuun akka danda’amu manneen dhuunfaafi dhaabbilee addaddaarratti agarsiisuun danda’ameera. Naannawaan kanneenitti dhiheessii nyaataa wajjiin walqabateefi qaala’ina gabaa tasgabbeessuu keessatti jijiiramni guddaan kan itti argameedha.

Barana ammoo sadarkaa biyyaaleessaati sagantaan Maaddii Guutuu ministira muum mee Abiyi Ahmadiin labsame dadamaqiisa uumeera. Keessattuu horsiisa looniitiin hojiin cimaa akka hojjetamu kallattiin xiyyeffanna ka’amee hojjetamaa jira. Kanaanis bu’alee hedduun argamaa jiru.

Yeroo ammaa omishni gama aannaniif hanqaakuutiin jiru dabaleera. Sanbataafi Dilbataa omishni gabaaf dhihaataa jira. Kana keessatti hawaasni kaleessa bitataa ture har’aa omishaa ta’era. Ofii fayyadumuras darbee madda galiliee iraa uummachaa jira.

Hojii hojjetameen fayyadumtoota qonna magaalaa dachaadhaan dabaluun danda’ameera. Bara 2013 kan kuma 200 ture yeroo ammaa kuma 400 ol qaqqabuu danda’era. Kanarratti bu’aa keenya guddaan qonna magaalaa ifdoon akka hinmurteessine hawaasa biratti hubannaan uummuusaati.

Kanarraa ka’uun qodaawwan garagaraa keessatti, bakkeewwan kaleessa balfi itti gatamaa ture qulqulleessuu qonna magaalaa tafe fayyadumuu jalqabuu jijiiramna guddaadh. Gaafa hojii kanatti galamus hawaasni karaawwan addaddaatiin qeqaa ture amma bu’asaa hubachuun ittiin hojjetaa jira.

Biyyoonni baay’ee qonni magaalaa tafe babal’ate omishaaanii %20-30 kan argamu kanarraati. Nutis sirriitti xiyyeffannee yoo hojenne jijiiramni mul’ataa jiru kun bu’aa olaanaa galmeessisuun danda’aa.

**Bariisaa:** Karrawwan shanan Finfinneerratti giddugalooni gabaa ni ijaaramu jedhamee ture. Kun maalirra jira?

## qonnaan bulaan “Kaleessa magaalaa na dhiibaa turte, rakkoo narraan ga’aa turte” ilaalcha jedhu keessaa ba’ee har’aa “Magaalaa wajjinin guddachuu danda’aa” jechuu eegaleera. Magaalaanis “Qonnaan bulaan na fayyada, waliin guddachuu fala malee waldhiibuun misoomni hindhufu” yaadni jedhu gabbateera

**Obbo Baayyuu:** Torbeedhuma darbe keessa pirojettonni eeb bifaman jiru. Karrawwan Kutaa Magaalaa Lammii Kuraa, Kolfee, Aqaaqifi Nifaas Silkiratti hojiwwan hojjetamaa jiru. Inni Aqaaqii eeb bifameera. Karrawwan kaanirattis akkuma hojiitti kan jiru yoo ta’u, sadarkaa xumuraarra ga’era.

Caalmaatti nuti xiyyeffannee kan hojjennu qonnaan bulaan Finfinnee keessa jiru sirriitti yoo omishe omisha baay’ee gabaaf dhiheessuu waan danda’uu bakkeewwan gurgurtaa kanneen akka gabaa sanbataa 170 ol qopheessineerra. Kanneenittis qonnaan bulaa fi hawaasni qonna magaalarratti hirmaatu dhiheessaa jira. Hojii hafe garuu qindoomina Biirroo Daldala Finfinnee waliin hojjenne.

**Bariisaa:** Sochiin gama carraa hojii uumuutiin jiru maal fakkaata?

**Obbo Baayyuu:** Hojileen akka magaalaa tafe karaa Biirro Carraa Hojii Uumuufi Ogunmaatiin hojjetaman ni jiru. Sektaroota caalmaatti carraan hojii itti uumamu keessaammoo tokko sektara keenya. Gama kanaan waliigala akka karoora bara 2015ti carraa hojii uumuu kuma 22fi 666 qabannee kuma 20 (%) 89) uumuun danda’ameera. Kunis akka jalqabbi gaariitti kan ilaalamu yoo ta’u bara dhufu caalaatti hojjechuuf kallattiin taa’era.

**Bariisaa:** Akka haaraatti hundeefamuun Magaalaa Shaggar hojii sektarri keessan kana dura magaalota naannawaan Finfinnee waliin hojjetaa ture caalaatti cimsuurratti maal fakkaata?

**Obbo Baayyuu:** Hojiin kun utuma magaalaa Shaggar akka haaraatti hinlundaa’iin magaalota itti waamamnisaaanii naannoof ture kanneen akka Buraayyuu, Sabbataa, Sululta, Laga Xaafifi Galaan waliin hojjetamaa tureera. Dura dhimmi daangaa Finfinneef magaalota kanneenii rakkisaa kan ture yoo ta’u amma adda baafamee daangeffameera.

Kanaan walqabatee qonnaan bultooni kanaan dura utuu nu biraaj tajaajilamaa jiranii amma daangaansaanii gara Magaalaa Shaggaritti deebi’e tajaajila barbaadan ittifufanii akka argatan taasifneerra.

Kunis hanga karoora bara 2016ti osoo addan hincitiin kan ittifufu ta’aa. Keessumaa deebisanii dhaabuu waliin walqabatee waan barbaachisu ni tajaajilamu jechuudha. Magaalaa Shaggarirraa bakka bu’ummaa fudhannee raawwataa jira jechuudha.

Kanarraa kan hafe gama muuxannoo waljijiirutiin waan bal’atu hojjetamaa jira. Keessattuu pirojettiwan qonnaan bulaa deebisanii dhaabuu hojjetaman dhufanii daawwataniiru. Qonnaan bultoota gama lachuu caalmaatti misoomatti galchuuf waliin hojjetaa jirra.

**Bariisaa:** Akka waliigalaatti kallattiin fuulduraa komishinii keessanii maali? Milkaa’inasatiif eenyuurraa maaltu eegama?

**Obbo Baayyuu:** Fuuldratti bulchiinsa magaalaa keenya magaalaa qonni magaalaa sirriitti itti babal’ate akkasumas fayyadummaan qonnaan bulaa sirnaan itti mirkanne’ taasisuuf xiyyeffannaadhaan hojjenne. Hojileen ijoo lamaan kunneen ammoo milkaa’u kan danda’an qaamni hundi ga’eesaa yoo sirnaan ba’atedha.

Hunda dura hawaasni magaalaa kanaa alaa eggachuu qofa osoo hintaane, waan harkasaa jiru hojjetee qala’insa jirenyaa qolachuuf tattaafachuu irraa eegama. Waa hunda gabaarrraa biturra bakkee muraasa qaburratti qonna magaalaa hojjechuu qaba.

Kana malees aadaa nyaataa xaafifi qamadiirratti maxxane jijiiruun barbaachisaadha. Yeroo sana omishawwan kaan soorachaa qala’insa gatii xaafifi qamadiirra jiru hir’isuun ni danda’ama. Kanarratti fakkeenna Eertiraal yoo ilaalle, dura xaafifi nyaataa turan. Gaafa Itoophiyaa waliin waliddaa keessa galanii adda ba’an xaafifi argachuu hindandeene. Yeroo kana aadaa nyaatasanii ruuziitti jijiiran. Kun rakkinaaf qofa osoo hintaane baratamuu qaba.

Wayita ammaa qonni magaalaa mooraa manneen barnootaatti eegalameera. Manneen barnootaa ammoo sagantaa soora barattootaa hojirra oolchaa jiru. Kanaafis gabaarrraa biturra bakkuma qabanitti ofii hojjechuun filatamaadha. Kunis rakkoo gabaa fururra darbee lammiin achitti baratu qonna magaalaa baraa guddata.

Dura magaalaa keessatti daa’imman aannan firijii keessa dhufa jedhanii yaadan amma sa’arraa akka ta’e baraa qabatamaadhaan ilaala guddatu. Kuduraafi muduraarratti akkuma jechuudha. Kanaaf dhaloota waa hunda gabaadha bitu osoo hintaane harkaan qabee hojjetee omishu ta’aa.

Fayyaarrattis yoo fudhanne buufataaleen fayyaa baay’ee qonna magaalaa eegalaniiru. Haadholiin baay’ee ammoo tajaajila addaddaaf gara sana ni deemu. Yeroo sanattis akkamiin lafa xiqqoo yookiin qodaa keessatti muduraalee qopheessun akka danda’amu ni barsiifamu. Yommuu qe’esaanitti deebi’an sana hojirra oolchuuf yaalu.

Kanaan walqabatee amma haadholiidihaaf qodaa xiqqoo lukkuu shan baachuu dandeessu dhiheessu deggarsa taasisa jirra. Haala kanaan maatii tokkoof guyyaatti hanqaakuu shan argamsiisuun osoo danda’amee maatiin sun nyaata madaalawaa argate jechuudha. Baasii hanqaakuu bituuf baasuu waan muraasa soora lukkuu ittiin bituun caalmaasaa hambifachuu danda’aa.

Haala kanaan yoo hunduu bakuma jirutti ga’eesaa ba’ataa deeme waliigala ummata misoome, nyaata madaalawaa argatuufi wabii nyaataa ofii mirkaneessu gochuun ni danda’ama. Kanarratti sektaroonni hundi dammaqinaan hirmaachuu qabu. Hoggansi sadarkaa jirus deggarsa barbaachisu miira ittigaafatamummaatiin ba’achuu qaba.

# Ilaamee...

# Yoo walta'ame...

Charinnat Hundeessaatiin

**M**inistri Muummee Mootummaa RFDI, Doktar Abiyi Ahmad dhaabbi biqiltuu Wiixata darbe guutuu biyyatti sirna ho'aadhaan adeemsifame ilaalcisuun guyyicha duraafi booda ergaawwan ciccimoo adda addaa dabarsaati kan turan. Kanneen keessaa:

## Kaayyoo riikardii cabsuu

Dhimmi Ashaaraa Magariisa dhimma Itoophiyaa eeguu, kabajuufi badhaadhomsuuti. Dhimma seenaa jijiiruuti. Dhimma darbanii dhalootaaf yaaduuti.

Guyyaa sochiwwan hawaasummaaf amantaarrra bilisa ta'e kan filannef lammii Itoophiyaa guyyaan kun isa jala darbu akka hin jiraanneefi. Wiixata kan filannef jalqaba hojji keenya uumama baraaruudhaan akka eegalluufi.

Dorgommiin keenya matuma keenya waliini. Naannoleen, godinaaleen, aanaaleefi gandooni isa bara darbee caalaa dhaabuudhaan riikardii mataasaanii akka cabsan amanna. Tokkoon tokkoo keenya riikardii mataa keenya cabsuu qabna.

Rakkinni riikardii mataasaa akka cabsu hayyamuufi hin qabnu. Rakkinni riikardii mataasaati yoo cabse mo'amneerra jechuudha. Rakkina kan mo'annu duraan dursinee riikardii mataa keenya, ittaansinee kan naannawa keenya, dhumarrattis riikardii addunyaa yoo cabsineedha.

## Ani bor irra deddeebiidaan dhaabuuf qophaa'eera. Isino?

Bor, Adoolessa 10 bara 2015 hamma riikardii mataa keessanii heddumminaan caccabsitanitti biqiltuuwan dhaabuuf qophaa'aa.

Waamicha biqiltuuwan miliyoona 500 dhaabuudhaan riikardii mataa keenya akka cabsinu dhiyaate fudhantanii kan baatan hundi galatatu isiniif mala. Seenaa magariisa hojjettaniittu. Seenaa magariisa barreessitanitti.

Qilleensa jeeqame, dachee golgolaa'e dhalootaaf hindhaalchifnu jettanii, utuu boruu hendiimatiin gara gaarreniif sululawwaniitti; gara dirreewwaniif bakkeewanitti bobbaatanii mukeen miliyoona 566 dhaabdaniittu. Riikardii keessan cabsitaniittu.

Naannolee hundatti, godinaaleefi aanaaleetti mukkeen dhaabamaniiru. Bakkeewan garaagaraa kuma sagalii ol qophaa'anii turan. Ogeeyyiin miidiyya 3600 ol guutummaa biyyattiit bobba'anii turan.

Ogeeyyiin teleefi qonnaa galmeen odeeefnnoo kan ammayyoome akka ta'u hojjetaniiru. Taaksiwwan Finfinnee warra biqiltuu dhaabaniif geejiba tolka kennaniiru. Daa'imman, haadholiin, abbootiin, miidhamtoonni qaamaa, abbootiin amantaa, heddumminaan bahanii dhaabaniiru. Itoophiyaanotaan har'a seenaan magariisni hojjetameera.

Itoophiyaanoni yoo waltaane riikardii nuti hincabsine hinjiru. Biqiltuuleen miliyooni 566 ol dhaabaman, rikardiin Itoophiyaanotumaan (miliyoona 350) qabamee ture cabeera.



Obbo Shimallis Abdiisaa wayita biqiltuu dhaaban

Sagantaa Ashaaraa Magariisa baranaa guyyaa tokkotti biqiltuuwan miliyoona 500 dhaabuuf karoorfamee, biqiltuuleen miliyoona 566, kuma 971fi 600 lafa heektaara kuma 302 irra dhaabamuudha. Kan dhaabnu dhaloota dhufuufi jechuun Ministri Muummee Abiyi Ahmad (PhD) ergaa cimaafi galateeffanna Wiixata darbe dabarsiiru.

Finfinneen biqiltuu miliyoona afur dhaabuu karoorsitee miliyoona 4.5 ol dhaabuun seenaa cululuqaa barreessiteetti. Ummanni Finfinnee miliyoona tokkoo ol waamicha Ministira Muummee Doktar Abiyi Ahmad fudhatee ooos qorriifi hurriin ganamaa isa hindaangessiin gurmuan bahee sadarkaa biyyatti guyyaa tokkotti biqiltuu miliyoona 500 dhaabuuf karoorfamee irratti miliyoona 4.5 dhaabuun gahumsaan gaheesaa ba'eera.

## Galata

Hojattooni mootummaa, kan dhuunfaa, dhaabbileen mitimootummaa, dhaabbileen amantaa, barsiisonni, ogeeyyonni fayyaa, barattoonni, qaamoleen nageenyaa, dubartoorni, dargaggooni magaalaa keenya, abbootiin qabeenya, artistoonni, maatiwwan ispoortii, ogeeyyonni miidiyya, qaama miidhamtoonni, daa'imman, misirroonni, gootonni, manguddoonni, gorsitoonni, akkasumas ambaasaaddaroonni Finfinnee jiraatan, dippiloomaatonni, hawaasa addunyaa dabalatee iddoowwan qopheessineefitti hirmaannaa cululuqaa taasisaniiru.

Walta'iinsa keenyaan dhaloota dhufuuf uumamaafi madaallin ishee kan eegame jireenyaa fi hojjiif Finfinnee mijatte ijaaru kan nu dandeessisu hojji guddaa hojjaneeerra.

Waamicha keenya fudhantanii biqiltuu qopheessuun, imalchiisuufi boolla qotouun dhaabbi biqiltuurratti kan hirmaattan jiraattoonni magaalaa keenya baga gammadan, baga gammansen!

Milkaa'ina kanaaf kan tumsitan hunda maqa koo, maqa bulchiinsa magaalichaan kabaja guddaa waliin onneerraan isin galateeffadha. Finfinnee ni galateeffatti! Waaqni Itoophiyaafi uummata ishee haa eebbisu!

Yeroo ittaanuttu kan dhaabne kununsaafi firif geessisuun ciminaan tajaajilu keenya ittifufna jedhan Kantiibaan Magaalaa Finfinnee Aadde Adaanachi Abeebbee.

## Rajji hojjechuu

Aadaa qabeenya uumamaa kunuunsuu

galfannu, nyaata ta'ee kan soorannu, sabbata dachee ta'ee dhiqama biyyoo to'achuu kan ooluufi simboo ta'ee dachee keenya kan miidhaksu firiin isaa kan yeroo gabaabaafi dheeraati.

Hojji hanga ammaatti hojjetamaa dhufe kanaanis gaarawwanifi dachaawan kaleessa onaa turan har'a lafa bashannanaafi gaaddisa boqonaa ta'ani yeroo agarru boruu keenya har'a ijaaru akka dandeenyu nuuf mirkaneesseera.

Raajji ajaa ibsiisa kana kan hojjetefi hojjetaa jiru ummanni keenya adda hunda irratti injifanno guddummaa isaa madaalu galmeessafi kan argate ammoo kunuunsee eeggachuun barbaachisaadha.

Duula dhaabbi biqiltuu Ashaaraa Magariisa boqonaa jalqabaatiin biqiltuuwan gosa garaa garaa biiliyoona 13.86 dhaabatee dhibbentaan 84 latuun bakka dadhabnee, dafqinee dhaabnetti har'a boqochaa jirra.

Kanaanis, hojiin ummata keenya waliin gurmoofnee hojjenne faajji injifanno keenya olkaasee; gochuu danda'u keenya addunyaaf kan raggaassisedha. Sagantaa Ashaaraa magariisa boqonaa 2ffaatiinis naanno keenya Oromiyaa magariisummaan uwvisuuf xiyyeffannaan nihojjetama. Akkuma har'a hojjennee waan karoofanne milkeessine, biqiltuuwan har'a dhaabne kunuunsinee oomisha dachaa akka sassaabannu shakkii hin qabu.

Ummanni keenyas akkuma kanaan dura gochuu akka danda'u mirkaneessetti milkaa'ina argame cimsse hanqinaalee turan waloon sirreesee hojji boruu keenya har'a ijaaru eegalle milkeessuuf gama hundaan akka tumsu waamichakoo dabarsaa, walii gala qaamoleen milkaa'ina hojichaatiif tumsitan hunduu irra deebi'uun galatoomaa jechuun barbaada jedhan Pirezidaantiin Mootummaa Naannoo Oromiyaa Obbo Shimallis Abdiisaa.

## Milkaa'ina

Sagantaan Ashaaraa magariisa halkan tokkoo naannolee keenya hundatti gaggeeffamaa ture milkaa'inaan xumurameera. Dandeettiin misoomaa inni guddaa tokkummaafi tumsa keenya.

Milkaa'inni biqiltuu ashaaraa magariisa yoo waliin hojjettan akka milkoofnuuf agarsiisa guddadha. Yoo tokko taane, rakkoon nuti furuu hindandeenye hinjiru. Yeroo dheeraa keessatti tokkummaafi tumsa keenya cimsu qabna.

Biqiltuun har'a carraaqqii waloo keenyaan dhaabnu qabeenya waloo dhaloota dhufuuf dabarsinee kenniuudha. Biqiltuu dhaabuun hojji yeroo tokkoo qofa ossoo hintaane akka aadaatti ittifufuu barbaachisa.

Qaamolee akka karoori dhaabbi biqiltuu ashaaraa magariisa guyyaa tokkoo milka'uuf gumaachan hunda maqa koofi mootummaa naannichaatiin galateeffachuu barbaada jedhan pirezidaantiin Naannoo Amaaraa Doktar Yiliqaal Kaffalaa.

Walumaagalatti miiri jaalala biyyaafi tokkummaa guyyicha dhiyaanaafi bunafa dhiyeessurraa kaasee mul'ataa ture daran kan namatti tolu waan ta'eef haalli kun dhimmoota walfakkaataa biroorrattis cimee ittifufuu qaba.

# AADAAFI AARTII

## Argannoowwan haaraa Seenaa Duraa (Prehistoric) aartii dhagaarraafi fakkiiwwan holqoota keessaa

### Afrikaa, ardii namummaafi aartiin itti jalqabame

Jaarraa tokkoo ol dura oggaa Chaarlis Daarwiin Afrikaan bakka ka'umsa dhala namaa baay'ee ta'uun dandeessi jedhee falmu qofaa isaa ture.

Ergasii as, ogeeyyiin 'paleoanthropologists', waggaa waggaan, ragaa yaada Daarwin deggaruu baay'inaan argachaa jiru. Qabeenyi meeshaa fosiili hominiidiif kutaalee Afrikaa adda addaa hedduu keessatti argameera.

Afrikaan bakka argama dhala namaa ta'uusheetiif beekamtii kennuudhaan, Afrikaa Kibbaatti 'Sterkfontein' dhaabbata hambaalee addunyaa galmeessu 'UNESCO'tti kan galmaa'e yoo ta'u, isheenis 'Cradle of Humankind' jedhamuun beekamti.


Anaatoomiin namoonni ammayyaa akka keenya yoo xiqaate waggoota kuma 150darbanii Afrikaa keessa jiraachaa turaniiru. Awurooppaan garuu faallaa kanaatiin, yeroo kana keessa kurmaana dhuma qofaaf namoota anatoomiihaan ammayyaa ta'an qabatetti.

Warri Awurooppaa jalqabaa kunni akkuma jiraattota jalqabaa Eeshiyaa, Awustiraaliyaaf Ameerikaa hundisaanii hidda dhaloota Afrikaa tokkorraan kan dhufan turan. Namoonni har'a lafarraa jiraatan hundi hidda dhaloota kana qoodatu. Afrikaan kutaalee addunyaa kaaniif namummaafi teknolojii kennite. 'Fossils' teknolojii jalqabaaf meeshaaleen dhagaa Afrikaa keessatti kan argaman yoo ta'u, umriinsaaniis gara waggoota miliyoona lamaatti dhiyaata.

Garuu aartiin eessaa jalqabe? Kun gaaffii deebisuuf ulfaatuudha. Aartiin fakkeenyaa inni durii Faransaayitti holqa 'Chauvet' jedhamu keessatti argama. Innis waggoota kuma 33 dura ture. Afrikaatti aartiin fakkeenyaa durii Appooloo 11, bakka daangaa Naamibiyaa Afrikaa Kibbaatti dhihoo jirurraan kan dhufedha.

Ciccitooni dhagaa dibame kuufama lafaa waggoota kuma 27 dura awwaalaman argameera.

Kun aartii haaraa kan Faransaayitti argamu caalus baay'eensaani, bu'uura ilmaan namootaa ammayyaa Afrikaa keessatti guddatan irratti hundaa'un dhumarrati ragaan aartii durii Afrikaatti akka argamu ALA Guraandhala, bara 2002ti namni Kiriis Heenshiilwud Okeer jedhamu akka tilmaameetti fakkii ji'oomeetirii micciiramaa ta'en faayame argachuu beeksiseera. Barreffama kana waggoota kuma 77ti haala konsarvaatiivii ta'en guyyaa itti kenne; dhugaa dubbachuu hanga waggoota kuma 100 ta'uun danda'a. Dhugaadha, kutaan kun osoo namni ammayyaa kamuu Awurooppaa keessa hin deemiin dura akka hojjetame beekamaadha. Kanaafis Afrikaan bakka dhala namaafi teknolojii qofa osoo hintaane, bakka aartiif aadaan itti jalqabame ta'uutu mul'ata.



#### Aartii dhagaa dubbatoota Afaanota Naayilootikii, Afrikaa Bahaa

Itoophiyaa, Keeniyyaa, Yugaandaafii Taanzaaniyyaa kaabaatti kan babal'ate duudhaa aartii dhagaafi fakkiiwwan holqa keessatti dibameefi bocame kan bakka bu'iinsa istaayilii olaanaa loon gaanfa dheeraafi gabaabaa qabanirraa ijaarameedha. Sababa raabsa addaa kanaan qorattooni aartiin kun abbootii warra Naayilootikii ammayyaa dubbatanian akka hojjetame amanu. Aartiin kun halluu gurraacha, diimaafi adii furdaadhaan kan bocame ykn qubaan kan dibameedha.


Yeroo muraasa keessatti, paanaalii fakkii loonii fakkiiwwan nama muraasas of keessatti qabata. Ogummaa kana keessatti garaagarummaan naannawaa mul'atu tokko tokko jiru. Fakkeenyaaaf, giddugaleessa Keeniyyaaaf Taanzaaniyyaa Sarangeetiitti fakkii loonii mannaa fakkiiwwan maqaa looniifi gaachanasaaniitu baay'inaan argama.

Gareen akka Samburu, Pokot, Turkanaafii Maasaayi ammallee maqaa walfakkaataa hedduu fayyadamu. Isaanis mallattoo abbummaafi bifa gaachana aartii dhagaa kana keessatti agarsiifaman. Aartii dhagaa kanaafi gocha sira foon nyaachuu loltoota dhiiraa gidduutti walittidhufeenyi akka jiru agarsiifameera.

Bakkeewwan addaa, yeroo baay'ee fakkiiwwan holqaafi gaaddisa dhagaa, har'as sirnoota kanneen keessatti kan ittifayyadaman yoo ta'u, kana booda aartiin dhagaa hinhojjetame. Haa ta'u malee, fakkiiwwan hedduun addatti haaraa ta'uusaanii yoo ilaalle, aartii hojjechuu hanga yeroo dhiyootti ittifufuunsaa hinoolu.

#### Aartii dhagaa Sahaaraa

Gammojjiin Sahaaraa Afrikaa bal'innisa iskuweer kiiloo meetira miliyoona shan caala. Lafa goggogaa ture, ammas jira. Haa ta'u malee, rooba dabaluu Dh.K.D bara 10,000-25000gidduutti dirree dhagaafi cirracha biqiltoota 'steppe fi savannah' deggaruu jalqaban, lageen goggogaa yaa'u, haroowwan duwwaan guutamaniif.



gammoojjiin gaara bosona ta'u arge. Bineensonni bosonaa lafa sana keessa kan babal'atan yoo ta'u, namoonni yeroo muraasa booda hordofan.

Bineensonni bosonaa akkasii, arba, 'rhinoceros', roobii(hippopotamus), Sattawaa, 'bosonuu (antelope)', Guchii, leencaafi bineensota adamsitoota biroo, bubalus (loon boson), naacha(crocodiles) fi qurxummiif kan dabalu ture. Jalqaba namoonni nyaata bosonaa walittiqabuufi adamsuudhaan jiraatu turan. DhKD gara bara 5,000 booda loon manaa(domestic cattle) kan mul'atan yoo ta'u, hoolonni, re'ooniifi saroonni Eeshiyaa Xiqqoo irraa fidaman.

Naannawawan adda addaa akkaataa jireenyaa adda addaa fayyadamu turan. Namoonni tokko tokko adamsitoota walittiqabuufi, kaan horii tiksuu, kaan immoo qurxummiif qabuu itti dabalaniru. DhKD Bara Kiristiyanan yeroo muraasa dura gaalli Sahaaraa keessa seene.

Islaamummaan naannawaa caalaansaa bara 900 DhKD. Aartiin kun boca (petroglyphs) dhagaarratti cicirameefi fakkiiwwan (pictographs) dhagaa gaaddisa qaburrtatti 'pigment' dibachuun kaafaman of keessaa qaba. Bocaan yeroo baay'ee seentimeetira 20 hanga 100 gidduutti kan safaru yoo ta'u, tokko tokko garuu meetira shan ol ta'a.

Fakkiiwwan yeroo baay'ee xiqqaa (5-50cm), garuu daran muraasni meetira lama olta'u. Fakkiiwwan buruushiin ykn meeshaa biraatiin halluu tokko ykn isaa ol ta'een hojjetamaa turan. 'Outline' halluuwan diriiraa oksaayidii sibiila, suphee, cileefi 'liquid binders' iraa hojjetamaniin guutamaniiru.

Booni muraasni sararasaaniiratti halluu qabu. Booni baay'inaan dhagaa gaaddisa qaburratti kan mul'atu yoo ta'eliee, tokko tokko daandiifi dhagaa guddaarratti kan bocameedha. Fakkiiwwan yeroo hunda jechuun ni danda'ama gaaddisa dhagaafi pirojekshinii dhagaa jalattiifi seensaa holqaatti argamu; tokkollee holqa gadi fagoo keessatti himmul'atu. Aartiin hundi haala qilleensaatiif kan saaxilame yoo ta'u, akkasitti dadhaboofi suuta suuta manca'aa deema.

Booni fakkiiwwanii bal'inaan kan argamu yoo ta'u, lammafaan baay'inaan argamu 'Tassili', gaarreen 'Akakuiifi Ennediifi 'Djebel Uweinat' qofa keessatti. Aartiin dhagaa bifa tokko tokko bakka dhagaan gammoojjiit itti argamu hundatti jechuun ni danda'ama. Aartiin dhagaa yeroo baay'ee gidaara/girgiddaa/ paanaalii (Panel/wall) guguddaa keessatti kan argamu yoo ta'u, fakkiiwwansaa bineensota bosonaa, beeladoota manaafi namootaan kan olaantummaa qabuudha.

Suuraan namootaa haala tartiiba yeroo agarsiisuu danda'uun agarsiifama. Fakkiiwwan nama haala fakkeenyaaafi gocha bal'aa keessatti mul'atu: fakkiiwwan tiksee, namoota uffata hinqabne, uffata faaya uffatan, meeshaa waraanaa qabataniifi gaarii, farda, looniifi gaala yaabbatan ni argamu.

Fakkiiwwan bakka bu'ummaa ifa ta'an kana cinaatti fakkiiwwan fakkeenyaa ifa hintaane kanneen akka geengoo giddugaleessaa, ispiraalifi dizaayinoota ji'oomeetirii walaxaa ta'an ni argamu. Namni tokko suuraa hordoffii bineensotaafi nama akkasumas qaawwa dhagaa sanatti lafa bu'e ni argamu. Bal'inni teessuma lafaa baay'inaan kan hinmul'anne yoo ta'u, fakkiiin biqiltoota hinjiru jechuun ni danda'ama.

#### Guddina tartiiba yeroo aartii dhagaafi fakkiiwwan holqa keessaa

Qorattooni umurii aartii dhagaa Sahaaraa isa jalqabaa ilaachisee yaadota adda addaa qabu, garuu irra caalaansaaniif tartiiba mataduree ykn akkaataa hundeefamasaaniiratti waliyalu. Tokko tokkoon akkaataa raabsa teessuma lafaa mataasaa, toftaa fakkii/bocuu adda ta'e, ciminoota adda addaa 'patinas'fi tuuta addaa bineensotaaf, namootaafi meeshaa waraanaa agarsiisa.

*Naasir Ahmadiin (qorataa holqaa)*

*Ittifufa*

## Qarreefi Qeerroo

# Obsineet Gaaromaa: Narsii qaxalee qabxii 100 keessa 99 galmeessiste

Charinnat Hundeessaatiin

**T**ibbana waa'een shamarree qormaata bahumsaatiin qabxii 100 keessa 99 galmeessistee qilleensa miidiyaa dhuunfatee ture. Nutis waan gabaabinaan keessummaa ajandaa miidiyaa hawaasaa ta'e kana gadifageenyaan hubannee dubbistoota keenya biraan gahuuf Obsineet Gaaromaa Taasisaa akkasumas Yunivarsitii Riifti Vaaliitti Diinii Kaampaasi Naqamtee Obbo Wandimmuu Qannoo wajjin gaadecibii ittaanu taasisneerraa dubbisa gaarii.

**Bariisaa:** Mee waa'ee kee nutti himi. Eessatti dhalatte, baratte?

**Obsineet:** Godina Wallagga Lixaa, Aanaa Gullisoo, Ganda 02tti dhaladhee guddadhe. Ani maatii kootif intala atrafaadha. Umuriin koo barnootaaf geenyaan sadarkaa keejirraa kaasee hanga kutaa 4ffaatti mana barnootaa Ifa Gullisoo jedhamuttin hordofe. Manni barnootaakun kan Waldaa Warra Wangeelaa Makaana Iyyasuu siiti. Kutaa 5ffa hanga 8ffaatti; Mana Barnootaa Sadarkaa 1ffa Gullisotti; 9ffa irraa hanga 12ffa ammoo Sadarkaa 2ffaafii Qophaa'ina Gullisootiin baradhe.

**Bariisaa:** Sadarkaa dakaatti qabxiin kee ammam ture?

**Obsineet:** Keejirraa kaasee hanga kutaa 4ffaatti sadarkaa keessa galuu baadhus atrafaafi shanaffaa bahaan ture. Manni barnootichaa kan waldaa amantii waan ta'eef gama hundaan haalli baruu barsiisuusaan daran adda ture. Waan bu'uura naa ta'u achiin argadhe. Oggaan gara mana barnootaa kutaa 5ffa hanga 8ffaatti barsiisutti darbu ammoo kutaa 5ffa, semistara jalqabaatti sadarkaa 3ffaan bahe.

Tokkoffaafii lammafaan ijomlee dhiiraa turan. Barsiisaan koo tokko, "Semistara 2ffa ijomlee kanneen caaluu" qabda jedhanii na jajjabeessaa akka barnoota kooti caalaatti cimuuf daran na onnichiisa turan; sadarkaa keessa galuu kootti gammadanii. Haaluma kanaan anis barnoota kootti cimee semistara 2ffa 1ffaan bahe. Achirraa kaasee hanga kutaa 12ffaatti sadarkaa koo gadi hinlakkisne.

**Bariisaa:** Namatti tola. Qabxiin kee seensa yunivarsitii hoo akkam ture?

**Obsineet:** Isa dura qormaata kutaa 8ffaatti qabxii baay'ee muuraasaaf jedheen mana barnootaa bultii addaa galuu dhabe. Achi galuu qophii guddan gochaa ture. Maatiin koos akkan achi galuu daran na jajjabeessaa turan.

Qabxii muraasni waan na jalaa hanqateef achi galuu hindandeeny. Achii ammoo kutaa 9ffaatti deebi'ee barnoota kootti cimee. Kutaa 10ffaas qabxii olaanaadhaan darbe. Yeroo sana daree koo keessaa ana qofatu darbe.

**Bariisaa:** Barnoota keessatti gargaarsi maatii keetii akkamitti ibsama mee?

**Obsineet:** Gargaarsa maatii kootii himuuf jechatu na hanqata. Haatiifi abbaan koo namoota barnoota jaalataniifi barnootaaf iddo olaanaa kennaniidha. Isaan namoota

Waaqatti aansanii barnootatti amananiidha. Qabeenya kamirayyuu barnootatti amanu jechuudha. Yeroon Mana Barnootaa Ifa Gullisotti barataa turetti abbaan koo hojiidhaa galee na qo'achiisa ture.

Kunis anaaf mana barnootaa lammaffaa ture. Gargaarsisa sadarkuma kamittuu na bira hafee hinbeeku. Milkaa'ina kootif Waaqatti aansee maatiin koo iddo guddaa qabu jechuudha. Obbolota koo hangafootarraas waan guddaan barachaa dhufe. Isaanis barnoota daran jaalatu, baay'ee dubbisus.

Mani keenya kitaabonni baay'een waan jiraniif laayibirariidha jechuun ni danda'ama. Abbaan keenya oggaa dhimma hojiitiif gara magaalota guguddoo deemu bitee kan galu galmeewwan jechootaa guguddoo dabalatee kitaaba.

Manni keenya haala kanaan kitaabaaan guutuudha jechuun ni danda'ama. Duraan akka ammaa softi koppiifaan waan hinjirreef kitaabatti daran fayyadamaan ture. Abbaan keenya mana keessa jiraannuun ala bakka itti qo'annu qofaatti nuu ijjaaree nu gargaaraa ture. Kanarrraa kan ka'e obboloonni koos har'a iddoowwan gagaarii jiru.

**Bariisaa:** Erga waa'ee obbolaa keetii kaastee isaan har'a barnootaan sadarkaa akkamirra jiru?

**Obsineet:** Obboleessi koo jalqabaa Abdii Gaaromaa jedhamu Yunivarsitii Jimmaarria injiinariin eebbfame, hojiirratti bobba'eera. Inni ittaanus Jiraataa Gaaromaa jedhamu Yunivarsitii Jimmaarria meedisiiniidhaan eebbfame doktara. Isheen sadaffaan ammoo Sistar Caaltuu Gaaromaa jedhamti. Isheen Yunivarsitii Riifti Vaalii, Kaampaasi Naqamteerra eebbfamte.

**Bariisaa:** Ijoollummaa keetti maal ta'uun barbaadaayyu? Kan maatii keetii hoo?

**Obsineet:** Ani ijoollummaadhumaa koorraa kaasee ogeettii fayyaa ta'uun hawwaa ture. Oggaan kutaa 4ffa gadi barachaa turelle akaakuwwan barnootaa keessa saayinsii naannawaan jaaladhan ture. Yeroon kutaa 7ffa seenu ammoo barnoota baayolojii jaaladha ture. Kaayyoona koo ganamaa barnoota waa'ee fayyati. Maatiin koos barnoonni hundi gaarii ta'uun amananelle damee fayyaatiif iddo guddaa kenuu.

**Bariisaa:** Mee gara qabxii olaanaa qormaata bahumsaatiin galmeessisteeti haa deebinuutii kun akkamii ta'uun danda'e? Akkamitti Yunivarsitiicha seente, yoom?

**Obsineet:** Yunivarsiticha qabxiidhaanin dorgomee bara 2012 seene. Qormaata seensaas barattoota kuun wajjin fudhannee calalamneeti kan yunivarsiticha galla. Yeroo sana ijomleen baay'een galmaanille muraasatu milkaa'e. Ogummaa Narsiingii kana waggaa afuriifin baradhe.

**Bariisaa:** Waggoota afran kanneenitti qabxii akkamii galmeessisaa ture?

**Obsineet:** Qabxiin hojii shaakallif narsummaan hospitaalatti raawwanneefi qoranno xumuramaa jiraatus qabxiin daran gaarii ta'en galmeessisaa ture.

**Bariisaa:** Iccitii qabxii olaanaan kana galmeessisuu dandeesseen nutti himi



mee?

**Obsineet:** Akkuman irranatti jedhe jalqabumarraa kaasee qabxiidhaan calalamne seenne. Obboleetiin koos Narsiingii baratti ture. Isheen ogummicha barachuuf calallii cimaa keessa waan dabartee muuxannooshii quoddachuuun koo haala gaarii naaf uumeera. Isheen waa'ee qormaatichaafii haalasaa na gorsaa ture. Isheen mana keessatti na qo'achiisaafii na hubachiisa turte. Yeroo manatti waan biraa hujennullee waa'eedhuma kanaa haasofna.

Dhaabbata barnoota olaanaa mootummaarra akkasumas fagaachuurra jettee kafaltiinsaa keessummaa kan fayyaa olaanaa ta'uun asumatti baradhu kan na jajjabeessites obboleettiidhumaa koo tana. Kanatti dabalee laayibirariitti sirnaanin fayyadamaa ture. Fakkeenyaaf ganama koorsii tokko qofan baradha yoo ta'e, manatti hingalu, laayibirarii seeneen qo'adha. Kana malees kaampaasiin keenya barnoota dablatataa nuu kennaar ture. Yeroo qabnu hundatti tursiisee xiyyeffannaan nu barsiisaa ture. Barsiisota koo wajjinis gaaffilee kanaan duraa hojjechuun of qopheessaan ture.

**Bariisaa:** Oggaa qormaanni ba'umsaa akka kennamu dhageessu maaltu sitti dhaga'ame?

**Obsineet:** Nuti, barattooni damee fayyaa gaafuma barnooticha eegallurraa kaasne waa'ee qormaaticha yaaduufi of qopheessuu eegalle. Kan seennes qoramnee waan ta'eef of qopheessaatuma ture. Damee fayyati qormaanni bahumsaa kennamaa waan tureef oggaa qormaaticha ni kennama jedhamu waanti hamma kana nutti dhaga'ame hinjiru.

**Bariisaa:** Qormaata bahumsaatiif iddoon irratti xiyyeffattan isin qaqqabee turee?

**Obsineet:** Eeyyee, nu qaqqabeera. Barsiisonti keenyas isa ilaalanii nu dubbiisaafii nu qopheessaa turan. Isarratti hundaa'aniis titoriyaaliin nu barsiisaa

turan.

**Bariisaa:** Faayidaa qormaanni bahumsaa kun dameewwan hundarratti haala kanaan kennamuu Obsineet akkamitti ibsiti?

**Obsineet:** Barataan tokko barumsasaarratti ga'umsa akkamii akka horate addaan baafachuuuf qormaatichi haala kanaan kennamuunsa gaariidha. Barataan damee baraterratti beekumsaafi dandeettii qabatee bahuu qaba. Kana mirkaneessuuf ammoo qormaatichi gaariidha jedheen yaada.

**Bariisaa:** Muuxanno keerraan kaatee brattoota jalaa dhufan maal gorsita?

**Obsineet:** Kanin obbolota koo boodaan dhufaa jiran gorsu barataan tokko hanga addunyaa barnootaa keessa jirutti waa'eedhuma barumsasaati qofa yaaduu qaba. Hamma danda'ametti adeemsiifi dubbiisaalle waa'eedhuma barnootasaati ta'uun qaba. Yeroosaaniitti qoosuu hinqaban.

Barattooni otoo barsiisaan kottu sin barsiisaa jedhui, isa dhiisanii lafa himmalle ooluurraa of quachuu qabu. Hanga waanti humnaa olii barnootasaaniiraa isaan danqu hinjirretti dirqama barattummaasaanii bahachuu qabu. Barataan waan barsiisaan isa barsiisuf dhama'uufi tattaafat kabajuu qaba. Barnootas jaalachuu qaba. Barattooni waan hunda dhiisanii barnootasaanii wajjin qofa hiriyyaa ta'uun qabu.

**Bariisaa:** Gaaffilee meeqa qoramtan?

**Obsineet:** Gaaffilee 200 qoramne. Garuu kan gadi nuu lakkifame 100 keessaa jedha. Reeshiyoon ittiin hojjetame naaf hingalle. Nuti, barattooni fayyaa qormaaticha waaree duraafi booda fudhanne; ganama dhibba, waaree booda dhibba jechuudha.

**Bariisaa:** Akekni kee ittaanu maalinni?

**Obsineet:** Baradheera jedhee iddo kanatti dhaabadhee hafuu miti akekni koo.

# Abbaa Sa'aa

## Omisha qamadii Oromiyaa: Abdii wabii nyaataafi sharafa biyya alaa



### Waasihun Takileetiin

Warraaqsa siyaasaan mootummaa humnaan biyya bulchaa ture hundeedhaa diiguuf akka biyyaatti keessumattuu Oromiyaa keessatti gaggeeffamaa tureen dinagdeen, qabeenyifi hariroon hawaasaa gama daldalaa, omishaafi omishtummaa laamsha'ee ture.

Mootummaan jijjiiramaa yeroo ammaa aangoorra jiru, bu'a dhiigaafi lafee ilmaan Oromo ta'e dinagdee hawaasaa warraaqsa siyaasaan laamsha'ee ture bayyanachiisuuf warraaqsa dinagdee eegalameen makaanaayizeeshinii qonnaa teknolojiin deggaramee babal'isuu hojisaat godhatee hojjetaa tureera.

Adeemsa kanaan mul'ataafi manii qabame milkeessuuf duula eegalameen jijjiiramoonni gurguddaa galmaa'aa kan jiran yoo ta'u, keessumattuu dhiyeessii tiraaktaraa, paampiif galteewwan qonnaa gara biraan qonnaan bulaa cinaa dhaabachuu imala omishaafi omishtummaa guddisuu hiyyummaa seenaa gochuun qonnaan bulaan akka humnaa'u taasisaniiru.

Olaantummaan siyaasaan argame dinagdeen yoo deggaramuudhaa baate eessayyuu ga'uun akka hindanda'amne kan amane mootummaan naannoo Oromiyaa qamadii eeguurra qamadii erguun seenaa Oromo, Oromiyaafi kan Itoophiyaa jijjiiruu danda'cera.

Qorannoo bara kana akka naannoo Oromiyaatti taasifamaa tureen bara hojii 2015/16 lafa hektaara kuma 836 qonna gannaan uwifamuudha Pirezidaantiin naannichaa Obbo Shimallis Abdiisa yaa'ii Caffee tibbanaa taa'amerratti kan dubbatan.

Akkasaan jedhanitti, bara omishaa 2015/16 lafa hektaara miliyoona 2.2 omisha qamadii gannatiin uwvisuuf karoorfamee hanga ammaatti hektaarri kumni 836 ol kan faca'e yoo ta'u, sochii wabii midhaan nyaataan of danda'urra darbamee sharafa alaa argamsiisuuf taasifamu dhugoomsuu keessatti bakka olaanaa qabaata. Bara omishaa 2015 keessa omishaaleen qamadii xiyyeffanno argataniii makaanaayizeeshinii qonna ammayyaan deggaramanii omishaman kan eegameen olitti jijjiiramaa argamsiisuun gabaa alergiif dhiyaatanii.

Kun seenaa Oromo jijjiiruu alatti Itoophiyaaan wabii midhaan nyaataan of dandeessee gabaa alergiif dhiyeessuu danda'uunshee rakkoo ilaachaa kanaan dura ture maqaa golgaa hiyyummaa biyyattiiti moggaafamee ture tarasaasuu miira nidanda'amaa nama keessatti horu, imalli badhaadhinaa qabatamee ka'es daandii sirriirra jiraachuu agarsiistuu ta'uus ni kaasu. Hojiin misooma qonnaan hojjetamaa jiru bu'aa guddaa kan galmeessise waan ta'eef ammallee xiyyeffannoonti kennamee hojjetamaa jiraachuu ni eero.



Karoora bara omisha 2016 midhaaniin uwvisuuf qabame hektaara miliyoona 2.2 keessaa hektaarri kumni 836 kan uwfamee yoo ta'u, kan bara omisha 2014/15 wajjin walbira qabamee yoo madaalamu garagarummaa hektaara kuma 500n caalmiaa qaba jedhu.

Wabii midhaan nyaataan of danda'anii gabaa alergiif dhiyeessuu waan guddaa ta'u kaasanii, sanuu dhibee koronaa, walwaransaaii hongee keessa ta'amee bu'aan galmaa'e kun jijjiirama guddaa abdii namatti horu ta'u himu. Bu'aan galmaa'e kanaan kabajaafi ulfinni kan maluuf qonnaan bulaa dadhabe, mudhuke osoo hinjedhiin bona aduu, ganna qorraafi rooba danda'ee isa milkaa'ina kanaan ga'e utubuufi humneessuu barbachisaa waan ta'eef dhiyeessi teknoloji qonna ammayyaa dabalaan akka deemus Obbo Shimallis kaasanii.

Bu'an amma gama omishaafi omishtummaa qamadiin galmaa'e kun kan jalqabaa ta'uus guutuu Oromiyaatti warraaqschaa si'eessuun seenaa addaa hojjechuun hiyyummaa seenaa gochuuf kutannaan jiru olaanaa ta'u ibrani, hudhaalee damee qonnaa booddeetti harkisaa jiran keessa inni duraa dhiyeessiwwan qonnaa hanqina godhachuu, keessumaa xaa'oon alarraa fe'amaa jiru biyya keessa erga galee guyyaa tokko osoo hinbuliin qonnaan bulaaf akka qaqqabu hojjetamaa turuu ibrani.

Kun ta'uus akkaataa barbaadameen waliin gahuurratti hanqinni jiraachuu eeranii, bakka humnaa ol ta'etti itti fayyadama kompoostii fooyyessuun lafti hagabuu akka hinbulle hojjetamuu akka qabu kallattii kaa'aniiru. Milkaa'iinni gama maraan ilaalamu kamiyyuu hundeensaa qonna akka ta'el ee kaasanii omishaafi omishtummaa dachaan akka dabaluuf warraaqsi dinagdee eegalame ammallee cimee kan itti fufu ta'u

yaadachiisaniiru.

Hudhaan biraadamee qonnaa qoraa jiru rakkoo nageenyaa Oromiyaa keessatti mudachaa jiru yoo ta'u, kun mariin akka furamuuf kutannoo mootummaan agarsiisaa jiru olaanaa ta'u ibrani, kanaafis mariin barbaachisu akka taasifamuuf balballi mootummaa banaa ta'u obboleeyyan qabsoo waraanaa taasisaa jiran ilaachasaniii gara mariitti jijjiiruu Oromiyaa waliin ijaaruun murteessaa ta'u kaasanii.

Waraanni dinagdee huba; kanamalees hawaasa deggarsa barbaaduu deggarsa biraan ga'uurratti rakkoo uuma kan jedhan Obbo Shimallis, akka fakkeenyatti dhiyeessiin xaa'oo alaa galu hanqina akka godhatuu walwaraansi Raashiyaafi Yuukireen sababa ta'u kaasaniiru.

"Qaawwa nuti walitti bannu diina keenyaaf karra saaqquu waan danda'uuf waldhabdee keenya ilaafi ilaameen furree ummata Oromo guddaa kana dinagdeen guddisuu dirqama hundaa keenyaati. Naannoon keenya dachee magariituu, dinagdeen badhaate ofirra dabartee Itoophiyaa maqaa waamsistuu akka taatuuf halkanii guyyaa hojjechuun hunda keenyarraa eegama. Dhaloota nu duuba jiru hiyyummaa dhaalchisuun hinqabnu. Isa kanaafis warraaqsi dinagdee qamadii omishuu wabii midhaan nyaataan of danda'uufi gabaa alergiif dhiyeessuu akka milkaa'uuf of kennanii hojjechuun murteessaadha" jedhu.

Warraaqsa dinagdee wabii midhaan nyaataan of danda'uuh hanga gabaa alergiif dhiyeessuu mirkanessuun alatti duulli ashaaraa magariisaa qubachiisu eegalames ciemuunsa jijjiirama guddaa galmeessisaa jiraachuu himanii, Oromiyaa ashaaraa magariisaan uwvisuun balaa hongee darbee darbee qormaata ta'aa jiru ofirraa ittisuun aadaa waggaatti lama omishuu akka horatamu taasisaa jiraachuu ni ibrani.

Akka ibsa Obbo Shimallis, dhaabbi biqiltuu wagga waggaan gaggeeffamaa jiru jijjiirama haala qilleensaan hongee mudateen gaaga'ama dinagdee qaqqabaa ture akka hir'atuf bu'uura kan buusudha. Aadaan bishan cimmisu, jallisiin fayyadamu gabbaachuu hirkattummaan roobaa akka hafu kan taasisu yoo ta'u, waggatti lama omishuu omishaafi omishtummaan dachaan akka dabalu gochaa jira.

"Dhaloota hiyyummaa hindhaalchisnu jennee erga kaanee warraaqsa dinagdee omisha qamadii kanneen biroorratti eegalame finiinsuun dirqama waan ta'eef karoora bara oomisha 2015/16 lafa hektaara miliyoona 2.2 omishan uwvisuuf qabame keessaa lafti hektaarri kuma 836 ammaantana milkaa'uunsaa jajjabeessaadha. Kanamalees karoora ol hojjechuuf ammallee yeroon akka jiru kan agarsiisaa waan ta'eef haalota gara garaan osoo hindaanga'iin bakkeewwan dhiyeessiin qonnaa hanqina godhatetti kompoostii omishuu manii qabame galmaan ga'uuf duulichi itti fufu qaba" jedhu.

Gama biraan makanaayizeeshinii qonna ammayyaa babal'isuu dhiyeessi tiraaktaraa paampi jallisiin kanaan dura taasifamaa ture bara itti aanuttis jechuunis bara omishaa 2016 keessa dabalataan qonnaan bulaaf akka kennamu hojjetamaa jiraachu ibrani.

Walumaagalatti Oromiyaan omishaafi omishtummaashee dachaan dabaluun wabii midhaan nyaataan of danda'urra dabartee Itoophiyaa sharafa alaa argamsiisuun maqaa hiyyummaa biyyattiiti moggaafame iraa kaasuu biyya badhaate ijaaruuf naannoo dursaa jirtu waan taateef utubuufi deggaruu dirqama lammilee hundaati.

## "Hundeffamuun mana barumsaa Jaarrraa Abbaa..."

jiraatuufis hiika guddaa qabaachuu 70 ol baasii ta'uu himaniiru.  
dhaamaniiru.

Daa'imman, qoonnaan bulaa Tuulamaa duraanii afansanii barachuu dhabanii carraa guddaa ta'uu himani; hawaasin naannawichaa safuufi, aadaa bakka itti guddifatuu waan argateef daa'immansa akka barsiifatu waamicha dhiyeessaniiru.

Jiraataan Boolee Bulbulaa biroo Dargaggoo Ashannaafii Anabassaa manni barumsichaa hundeffamuunsaa rakkoo daa'imman afaan isaaniin barachuu duraan ture kan hiikudha. Aafaan Oromoo cimsuun duudhaafi seenan hawaasa naannichaa guddisuun akka bakkatti deebi'u taasisas jedheera.

Hoggantuun waajjira barnoota kutaa magaalichaa Aadde Taagaayituu Abbaabuu gamasaaniin ijaarsi mana barumsichaa Oromoota kutaa Magaalichaa jiraatan qofaaf osoo hintaane Oromoota hundaaf hiika guddaa qaba jedhanii; mana barumsichaa ijaaruuf qarshiin miliyoona

Kantiibaa Ittaanaan Bulchiinsa Finfinnee Obbo Zyaanxiraar Abbaayi eebbicha irratti argamuun haasawaa taasisaniin, buulchiinsi magaalichaa baajata kaapitaala qabu keessaa %60 ijaarsaa oolchuun gariin hawaasa hirmaachisun gaaffii misoomaa hawaasa magaalattii sadarkaa sadarkaan deebisaa jira jedhaniiru.

Mana Barumsaa Jaarrraa Abbaa Gadaa Barnoota Idileen Duraafi Sadarkaa1ffaa dabalatee kanneen biroonis tajaajila ifa ta'aa jiraachuu himaniiru. Hawaasi bu'uuraalee misoomaa ijaarameef akka kunuunfataniif waamicha dhiyeessaniiru.

Gaggeessituun Hojii Kutaa Magaalaa Boolee Aadde Alamtsahaayi Shifarraawu gamsaaniin; baajata mootummaan piroojektoota 41 baasii qarshii miliyoona 523fi hirmaanna ummataan baasii qarshii miliyoona 500 olii waliigala piroojektoota 65 kutaa magaalichaatti tajaajilaaf banaa ta'uu ibsaniiru.

### Beeksisa

Himataan/tuun/Aaddee/Obboo Gosaa Tasfaayee

Himataamaan/tuun/Hamdiyyaa Muhammed jidduu falmii siivilii jiru ilaachisee manni murtii dhaddachaa gaafa guyyaa 04/11/2015 oole ajajeetiin raawwattanii bu'aa isaa beellamaa gaafa guyyaa 18/11/2015 sa'aa 3:00 irratti akka dhiyeessitan Manni Murtii Aanaa Magaalaa Adaamaa dhaddachi siivilii ajajeera.

**Mani Murtii Ol'aanaa Magaalaa Adaamaatti  
Mani Murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Boolee**



## Beeksisa Caalbaasii Yeroo 2ffaaf Bahe

Tumsa Development Gruupiin konkolaattota tajaajilanii fi baajaajii haaraa caalbaasii ifaadhaan wal-dorgomsiisee gurguruu barbaada. Kanaafuu, Ulaagaa armaan gadii kan guuttan dorgomuu kan dandeessan ta'uu ni beeksifna.

1. Lammummaan Itoophiyaa ta'ee waraqaa eenyummaa haareffame kan qabu;
2. Dorgomaan kamyuyu beeksifni caalbaasii kanaa guyyaa gaazexaa Bariisaa irratti bahe irraa eegalee guyyoota walitti aanan 16 qilleensarra kan turu ta'ee Sangaa taraa, Gamoo Biiftuu Darbii 9ffaa sa'atiit 2:30-11:00tti kutaa Bulchiinsaa fi Faayinaansiitti galchuu ni dandeessu;
3. Dorgomaan kamyuyu sanada caalbaasii biterratti chaappaa geengoo ykn mallatteessuun poostaa saamsameen dhiyeessuu qaba;
4. Dorgomtootni kabachiisa caalbaasii ka'umsaa tokko tokkoo isaanii 2% CPO dhiyeessuu kan qaban yoo ta'u, sanada caalbaasii fi CPO poostaa tokkotti saamsanii dhiyeessuu qabu;
5. Dorgomtootni sanada bitan, sanada bitanifi nagahee qabachuun konkolaattota tajaajilan Gamoo Biiftuu jala bakka dhaabbannaa konkolaataa dhaabbatichaa; baajaajii haaraa immoo mankuusa (magaazana) dhaabbatichaa Galaanitti argamu deemuun sagantaa dhaabbatichi baasuun ilaaluun ni danda'ama;
6. Dorgomaan caalbaasicha mo'ate guyyaa mo'achuun isaa mirkanan erraa eegalee guyyoota hojii 5 keessatti kabachiisa waliigaltee 10% qabsiisuun waliigaltee mallatteessuu qaba;
7. Dorgomtootni gatii dhiyeessan erga sa'atiin seensaa xumurameen booda gatii fooyeessuu hin danda'an;
8. Caalbaasichi guyyoota 16 qilleensarra turee guyyaa 16ffaa irratti sa'atiit 8:00tti cufamee guyyuma sana sa'atiit 8:30 irratti dorgomtootni ykn bakka bu'ootni seeraa bakka jiranitti banama;
9. Guyyan baniinsa caalbaasii yoo Sanbata, Dilbata ykn guyyaa ayyaanaarra bu'e guyyaa itti aanu sa'atiit walfakkaataati banama;
10. Dhaabbatichi filannoo fooyya'aa yoo argate caalbaasicha gutumaan gutuutti ykn gartokkeen haquuf mirga qaba;

**Teessoo: Sangaa taraa Gamoo Biiftuu Darbii 9ffaa,  
Odeeffannoo dabalataaf Bilbila: 011-130-2632/011-833-4135**

### TUMSA DAVALOOPMANT GIRUUP

## Beeksisa Raabsaa Mindeessuuf Bahe

Intarteeyimantiin Biruh networkiisaa hariiroo hojii raabsaa Maqalee, Jigjiga, Dirree Dhawaa, Harar, Sooddoofi Shaashamanneetti cimsuuf yaadeera.

Bakka bu'aan raabsaa mindeeffamu hojii daldalaa Intarteeyimantiin Biruh kan beeksisu ta'a.

Raabsichi dirqamoota dhaabbatummaafi daldalaa Intarteeyimantiin Biruh wajjummaan kan qoddatu ta'a.

Hojiin hojjetu baay'eef bakka bal'aa kan aguugu waan ta'eef raabsaan mindeeffamus kanfaltiinsaa gaarii ta'urraa kan ka'e dhaabbanni raabsaa kun networkii hojiisaa babal'isuudhaan hojii invastimantii barbaachisaarratti hojjechuu kan isa dandeessisu ta'a.

Kan irranatti eerame akkuma eegametti ta'ee ittigaafatamummaan raabsichaa kanneen ittaanan ta'a:

- Qabxiilefi networkiiwan gurgurtaa bulchuufi waltaasisuu
- Kaayyoowan hojii Waldaa Dhuunfaa Intarteeyimantiin Biruh Ittigaafatammaansaa murtaa'ee milkaa'inaan akka raawwatomaniif wabii ni kenna (fo'uu, maamilota haareyyii galmaa'an dabaluufi kkf)
- Kaayyoowan networkii misoomaa Intarteeyimantiin Biruh qabaman raawwachuu (iddoowan qabxiilee gurgurtaa dabaluufi kkf)
- Ragaalee kaanaal pilaas dhiyeessuu, oduuwan, hojiilee piromoshinii qabxiilee networkii gurgurtaarratti hojjechuu
- Hojjettoota gurgurtaasaatiif leenjiifi waantota dandeettiisaanii gabbisan ni dhiyeessa.
- Hojii haressaa si'eessuudhaan maloota kaffaltii qopheessuu

- Hojiilee bizinasii Intarteeyimantiin Biruh dhiyeessu akka guddataniif deeggarsa dhiyeessuu (hoteela, dhaabbilee mootummaafi kkf)

- Tajaajila gurgurtaa daran gaarii ta'e dhiyeessuufi maamilota haala gaariidhaan simachuu

#### • Dhimmoota faayinaansii

- o Yeroo sirriitti sirna adeemsa sirrii hordofuudhaan hojjettoota networkii qabxiilee gurgurtaarra hojjetaniif kaffaltii kanfalu

- o Qabxiilee networkii gurgurtaarratti tajaajilli liqii sirrii dhiyaachuuusaa mirkaneessuu

- o Intarteeyimantiin Biruh wajjin ta'uun waantota bitamaniif yeroo kaa'ame keessatti kaffaltii raawwachuu

- o Kaffaltii meeshaalee bitamaniif qarshii callaadhaan raawwachuu (meeshaan kamuu duubeedhaan bitamuu hinqabu)

#### • Lojistiksiidaan walqabatee

- o Mi'oonni qabxiilee networkii gurgurtaa loogii tokko malee dhiyaachuuusaa mirkaneessuu

- o Galteewwan akka dinkaanaa, paaraasoolii, filaayariifi kkfn qabxiilee networkii gurgurtaaf barbaachisan guutamuusaanii mirkaneessuu

- o Biiroofi iddo mankuusaa qabachuu

Iddoowan hojichi aguugu Maqalee, Jigjiga, Dirree Dhawaa, Harar, Hawaasaa, Sooddoofi Shaashamanneedha.

Guyyaa dhumaai iyyanni ittidhiyaatu 28/11/2015

Dorgomtoonni odeeffannoo dabalata argachuu bilbiluu danda'u

**Teessoo: Waajjira Muummee Intarteeyimantiin Biruh, Boolee, Naannawa Embaasii Jaappaan, Gamoo Abyoruf darbii 9ffaa**

## Intarteeyimantiin Biruh

## "Nageenya waareessuuf ejjennoon...

federaalaan sadarkaan jiru hordoffifi gamaggama raawwii hojii yeroo ammaa naannoleetti taasisaa jiran ilaachisee Obbo Addisuun addatti Dhaabbata Pireesi Itoophiyaa waliin tutti taasisaniiru.

Akka isaan jedhanitti, koggansi kun Tigaayiin ala naannolee hundatti gabaasa dhiyatuufi haala qabatamaa lafa jiru adda baasuu, raawwii karoora bara 2015, qaala'iinsa jireenyaa, rakkoo nageenyaafii sochii misoomaa ilaachisee to'annoofi hordoffi taasisaa jira. Paartiin Badhaadhinaa wayita gara aangootti dhufe nageenya waareessuuf dabalatee waadaa ummataaf seene dhugoomsuuf gad bu'anii ummata dhaggeeffachuun akkasii gumaata guddaa qaba.

Garaagarummaan ilaachaa calaqee sirna dimokiraasiiti kan jedhan Obbo Addisuun; garaagarummaa kana mariidhaan fururra humnaafi afaan qawwee filachuu midhaha malee waan bu'aa hinqabneef faalasama mootummaan mariifi marabbaaf kenne qaamotni kaanis hordofuu akka qaban yaadachiisaniiru.

Waraana Itoophiyaa kaabaafi bal'achuu dirree dimokraasiin walqabatee biyya ce'umsarra jirtu diiguuf sochii hamaan

taasifamuus eeranii, balaa kana qolachuuf mootummaan ummata waliin bal'inaan mari'achuutti dabalee qaamolee nageenyaas bobbaasuu dubbatu. Kana malees, qaamolee hidhatanii nagaa boressaa jiran gara nagaatti deebisuuf hojii bal'aa hojjetaa jiras jedhan.

Rakkoo nageenya naannolee Tigaayi, Gaameellaafi Beenishaangul Gumuz ture mariidhaan goolabuun injifannooboon saan galmaa'u eeranii; qaamolee seeraan ala hidhachuun Oromiyaatti boora'u nageenyaatiif sababa ta'anis mootummaan mariifi marabbaan gara nagaatti akka deebi'anniif kutannoohojjetaa jiraachuu ibsaniiru.

Gama biraatiin inisheetiviin qaala'iinsa jireenyaa maqsuuf Ministira Muummeetiin boocamee gad bu'e sadarkaa akkamirra akka jiruufi sochiin omishaafi omishtummaa guddisuuf maal akka fakkaatu hubachuu hoggansi qabxii gamaggamaa (check list)n deeggaram ee hojjecha jiraachuu ibsaniiru.

Rakkolee ummatni kaasu kanneen achitti furaman achumatti furmaata kan kennan yommuu ta'u, kaan karoora ittaanu keessatti qabchuun kan itti adeeman

ta'u Obbo Addisuun eeraniiru.

Haaluma walfakkaatuun pirojektonni akka maaddii guutuu, maaddii qooduu, maaddii biyyaafi misoomaa ashaaraa magariisa dhimmoota hoggansichaan ilaalamtaa ta'u himanii; duubdeebiin argames daran abdachiisaadha jedhan.

Raawwii hojii ilaachisee garaagarummaan naannoofi naannoo akkasumas godinaafi godinagidduu jirukutannoohoggansaarratti kan hundaa'e ta'u eeranii; haa ta'uutii, dhaabbi biqiltuu guyaa tokkotti miliyoona 500 ol dhaabameefis ummatni roobaafi qorraan osoo hindaangeffamiin jaalalaafi aantummaa hoggansasaaf qabu kan itti mul'ise ta'u ibsaniiru. Xiiqifi kutanno inni qabatamaan mul'iseefis ummata galateeffataniiru.

Gama biraatiin Gareen To'annaafi Hordoffi Mootummaa Federaala gabaasa supparviizhini Naannoo Oromiyaa godinaale afuritti gaggeessa ture bakka hoggansi Naannoo Oromiyaafi Federaala argamanitti dheengadda dhiyeesseera.

Pirezidaantiin Mootummaa Naannoo Ormiyaa Obbo Shimallis Abdiisaa sagantaa kanarratti akkka dubbatanitti

naannichatti dinagdee biyyaa kallattii hundaan jijiiruuf xiyyeefannoohojjetamaa jiraachuu ibsaniiru.

Otoo injifanno muraasa argametti hinquufiin cimanii jijiirama olaanaa galmeessisuuf hojjechuun murteessaa ta'u eeranii, dhimma barnootaarratti fulleffachuun hojjechuun, dinagdeen biyyaa akka cimuu sirna cima ijaaru kallattii waloo taasifachuun hojjetamaa jiraachuu dubbataniiru.

Walittiqaabaa garechaafi Ministerri Barnootaa Piroses Biraanuu Naggaa akka jedhanitti naannichatti hojiin misoomaa abdiisaa biyya kanaa ta'u danda'u hojjetamaa jira.

Sochii jijiirama guddaa agarsiisa jiru ittifusiisun muuxannoo Naannoo Oromiyaatti mul'achaa jiru gara naannolee birootti babal'siun gudina waliinii galmeessuu barbaachisaa akka ta'e himameera.

Naannoo Oromiyaatti hojii damee barnootaa ammayyeessuufi qulqullina barnootaarratti hojjetamaa jiruun bu'aa gaariin mul'ateera. Hojii waliin gahiinsarratti hojjetamu ittifusiisun murteessaa ta'u eeuusaanii BKOn gabaaseera.

## Naannichatti hanqinni ...

kan walsimu miti jechuun; fedhiin naannichaa xaa'oo kuntaala kuma 414 yoommuu ta'u mootummaan fedaraala garuu xaa'oo kuntaala 149 qofa naannichaaf kenuuf murteessuu ibsaniiru.

Naannichaaf akka kennamuuf kan murtaa'e kana keessaa kuntaalli kuma 53 hanga ammaatti naannicha bira kan hin geenyee akka ta'e ibsuun; kun immoo ummata naannicha biratti komii guddaa kan uume akka ta'e obbo Asraat ibsaniiru.

Yeroon kun yeroo facasanii midhaan biqilee itti daawwatan malee yeroo taa'anii itti xaa'oo eeggatan miti kan jedhan Obbo Asraat; yeroodhaan guddiftuu callaa

argachuu dhabuun omishtummaa qonna naannichaa kan miidhu akka ta'e ibsaniiru.

Xaa'oo harka biirichaa ga'e raabsuu keessatti rakkoon kamiyyuu biiricha hin mudanne, xaa'oon biiricha harka ga'e hundisaa qonnaan bulaaf karaa haqa qabeessa ta'en rabsameera.

Xaa'oo lakkofsan xiqqaa ta'e kan naannicha bira ga'e kana karaa seera qabeessa ta'en rabsuuf komandi Poosti hundeessuu hojii gaarii hojjechuun danda'ameeras jedhaniiru.

Naannichi qonna Arfaasarratti xaa'oo hanga isa barbaachisu yeroodhaan argatee kan ture akka ta'e Obbo Asraat

yaadachiisaniiru.

Biiroon Qonna Naannoo Amaaraa gamasaatiin akka ibsetti naannichatti karaa haqa qabeessa ta'en xaa'oo rabsuuf dadhabuun naannicha keessatti dhimmi xaa'oo komii guddaa kaasaa jira.

Biirichatti Ittigaafatamaa Dhimmoota Kominikeeshinii kan ta'an obbo Amsaaluu Gobbaa akka dubbatanitti, naannicha keessatti xaa'oon harka kontrobaandistootaa galeera, kun immoo qonnaan bulaa baasii dabalataaf saaxileera. Rakkoo kana hir'isuuf kontirobaandistoota kanarratti godinoota garaagaraa keessatti tarkaafin fudhatama jiras jedhaniiru.

## Yunivarsitiijwwan ...

akkasumas Yuunivarsitiin Diillaa barattoota 1,829 tibbana eebbisiiisaniru.

Sirna eebbaa kanarratti namoota guddina biyyatti keessatti gumaacha olaanaa qaban weelistuu Ijjigaayyoo Shibaabbaawuuf (Jijii) dabalatee badhaasni doktarummaan kabajaa kennameera.

Eeba barattoota Yuunivarsitii Finfinneerratti kan argaman Pirezidaantiin Itoophiyaa Aadde Saahilewarqi Zawudee eebbfamtoonis, muuxannoofi beekumsa argataniin kutannoohoggansasaaf qabu kan qaban dhaamaniiru.

## Obsineet Gaaromaa: ...

### kanarratti waan jettuu qabdaa?

**Obsineet:** Yeroo tokko tokko fedhiin barataa eeguunis gaariidha, giddugaleessaanis ilaalamuufi yaadnisaas dhaggeeffatamu qaba. Otoo haala barataa giddugaleessa gochuudhan hundaa'e gaariidhan jedha.

**Bariisaa: Ogummaa Narsummaa qabxii olaanaa galmeessiste kanaan lammilee kee tajaajiluuf akkamii qophoofteetta?**

**Obsineet:** Dhugaa dubbachuu ogummaa koo kanaan hawaasa koo sirriitti tajaajiluuf qophaa'eera. Keessumaa harmootii da'umsarratti rakkatan gargaaruurratti xiyyeefadheen hojchedha. Kana Waaqayyos na gargaara.

**Bariisaa: Hanqina keniinsa qormaataarratti taajjabde yoo jiraate?**

**Obsineet:** Nuti oggaa qormaaticha fudhannu addaan cituun ibsaa nu mudatee ture. Konnekshiniis gara jalqabaatti nu rakkisaa ture. Oggaa waanti akkanaa uumamu ammo sammuu barataa ni hatama. Akkasumas waan nama jeequuf waantonni akkanaa otoo fooyya ee gaariidhan jedha.

**Bariisaa: Xumurarratti dhaamsa ykn waan**

### jettu yoo qabaatte?

**Obsineet:** Hunda dura Uumaa koo milkaa'ina kana na gonfachiiseen galateeffadha. Maatii koo, Yunivarsitii koofi barsiisotaafi hiriyoota koo wajjin barachaa turre dabalees muumimee barnoota fayyaafi ogeessota Hospitaala Riifaraalaa Yunivarsitii Wallaggaa yeroo shaakkallii sirnaan nu barsiisan galateeffachuun barbaada.

Yunivarsitii Riifti Vaaliitti Diiniin Kaampaasi Naqamtee Obbo Wandimmuu Qannoow waa'ee Obsineet Gaaromaaarratti yaada ittaanu kennaniiru.

Akkuma sochiifi adeemsashii hubanneen hordofaa turre. Dhugaa dubbachuu barattuun tun baay'e cimtuudha. Barnootashii sirnaan hordofti, laayibirariittis sirriitti fayyadamtii. Nutis ishii jajjabeessaa turre. Oggaa seenashii qorannu jalqabumarraa kaastee nama barnootashiitif xiyyeefannaa addaa kennitee kaayyoof kaayyoofaan socho'aa ture ta'u hubanne.

Obboloonnishiis akkumashii barnootaaf xiyyeefannaa kennanii iddo olaanaa gahaniidha. Maatirraa addaan baatee mana kiraa fudhatteeti kan barachaa turre. Qabxii

olaanaa kana galmeessisuushiiittis baayee dinqisiifanee, jajjabeessine akka dhaabbaat keenyaatti.

Mucaan kun akeekawwan cicimoo lama qabdi, amantiishifi waa dubbisuutti cimtuudha. Akka ishiin qabxii olaanaa fiddu ni beekna. Amantaas ishiirraa qabna turre. Of bira dabartee barattooni kaaniyyuu akka barnootasaaniitti cimanii gorsaa ture. Qabxiin Obsineet galmeessiste kun barattoota kaan keessatti waan guddaa uumu qaba. Isheen nama kaayyoo qabduudha. Dham'aanii hojjechuun milkaa'inatti ce'un akka danda'amu qabatamaan nu agasiifteetti. Yunivarsitiin keenyas waan irraa baratu qaba.

Yunivarsitii Riifti Vaaliis haala Obsineet ittibarattee qabxii kana galmeessiste waan beekuf dhiyeeyaa waan hubateef, ergaa gaariis waan dabarsiteef ishee goota barnootaatti jechuun digiriishii lammafaa akka barattuuf iskoolaarshiippii guutuu kenneeraaf. Ogummaa baratteen hopitala yunivarsitichaatti mindeeffamtee akka tajaajiltuufi murteesseera. Akkasumas gaafa Yunivarsitichi barattootasaan baranaa eebbisu abbaa qabeenyaarraa badhaasa guddaa akka argattu murtaa'eeraaf.

Waantota baay'eetu na hafa. Ammallee ittifufee barachuun barbaada.

**Bariisaa: Yunivarsitiin itti baratte iskoolaarshiippii akka sii kenne dhageenyeerra, kanaan maaltu sitti dhaga'ame?**

**Obsineet:** Yunivarsitiin koo iskoolaarshiippii naa kennusaatti guddaa gammadeera. Natti tolee fudheeras.

**Bariisaa: Barnoota akkamii itifufuudha fedhiin kee?**

**Obsineet:** Barnootuma fayyaa kana ittifufuu barbaada. Kan kanaan na gahe Waaqayyo waan ta'eef hanga doktareetiitif ittifufuu fedha. Kanatti dabalee kanin dhalootaa dhaamuu barbaadu, namni tokko dandeettiif beekumsaatiin jiraachuu hindanda'u. Waa qalbeeffachuufi hubachuu sammuu namaa kan banu Uumaa ofiti. Kanaaf namni kamuu amantii kamuu haa hordofuu Uumaasaatiif jiraachuuufi amanamuufi qaba. Iccitiin dandeettiisaanii kamuu Uumaasaanii ta'u dagachuu hinqaban. Iccitiin milkaa'ina koos isuma kana.

**Bariisaa: Waa'ee qormaata bahumsaa**



## Galmeessi fiigicha Guddicha Itoophiyaa 23ffaan geggeeffamaa jira

### Riippoortara gaazexichaatiin

**Finfinnee:** Galmeessi fiigicha guddichaa Itoophiyaa 23ffaan kaleessa eegalamuusaafi fiigicha kanarratti namoonni kuma 45 kan hirmaatan ta'uun ibsame.

Ibsicha kan kenne hundeessaan Fiigicha Guddicha Itoophiyaa Kumaalaa Atleet Hayilee Gabarasaasee fiigichi guddichi Itoophiyaa fiigicha qofa osoo hintaane bakka Itoophiyaanoni ittiwalgahaan isa guddaa ta'eera jechuun eereera.

Fiigichi rakkoo fayyaa sirna soorataa haala hordofuu dhaabuufi sababa teknolojiin bara dhihoo keessa dhufaa jiran ittisuuf gahee olaanaa kan qabu ta'uun himee, kanaaf namoonni fiigicha kanarratti hirmaachuu yaadan fayyaa ofii eeguuf kan isaan gargaaruun ta'uun hubachuu qabu jedheera.

Fiigicha guddicha Itoophiyaa bara 2016f galmeessi Jimaata kaleessa jalqabamuusaafi karaa telee birriifa'iin kan raawwatamu ta'uun ibsameera.

### Waashun Takileetiin

**Finfinnee:** Godina Wallagga Lixaatti sochii ispoortii gama maraan cimsuuf caasaaleen gubbaraa hanga dakaatti jiran humna guutuun hojjechuu akka qaban Bulchaan Godinichaa beeksisan.

Bulchaan Godina Wallagga Lixa Obbo Salamoon Taammiruu qorannoo raawwii hojji sektara ispoortii akka godinaatti jiru qaamota dhimmi ilaallu waliin erga taasisanii hanqinaafi cimina jiru adda baasuun kallattii fuulduuraa kaa'aniiru. Haaluma kanaan ga'umsa dargaggooni akaakkuu ispoortii gara garaan qaban hedduu ta'uus xiyyeffanno kennamuu dhabuuun damicha miidhuu dubbatu.

Hudhaalee damichaa kanneen jedhaman keessaa bakki oolmaa dargaggoottaa mijataa ta'e dhibuu, istaadiyoomii sadarkasaa eeggate dhibuufi bajanni raawwachiistuu hojjiif oolu gahaa ta'uun dhabuu qorannichaan adda ba'uun kaasu.

Hanqinoota kanneen furuun dhaloota ispoortiidhaan ga'umsa guddaa horatee Oromiyaarrar darbee biyyasaa sadarkaa addunyaatti maqaa waamsisu horachuuuf ciminaan hojjetamuu akka qabu ibsanuur.

Isa kanaafimmoo ittigaafataamummaa guddaa fudhatee raawwachiisuu kan qabu caasaalee damicharra hojjetan waan ta'eef hunduu karoora hiixataafi xiiqii baafatee warraaqsa misooma ispoortii suffisiisu qaba jedhaniiru.

Bakka oolmaa dargaggoottaa mijeessuu walqabatee harkifannaan jiraachuu kan ibsan Obbo Salamoon isa kana hordoffii walirraa hincinne taasisuun milkeessuu ni hojjetama jedhaniiru. Kilaboonii garagaraas akaakuuwan ispoortii adda



Beekamtii wayita kennematti

addaan bahanii ga'umsa horataniin misooma ispoortii cimsuu akka qaban haalli akka mijatu ibsu.

Kanamalees, gama bajataan keessumaa komiin adda addaa durgoon walqabatee ka'aa turuu eeranii, dhimma kanas gadi fageenyaan erga irratti mari'atamee booda fooyya'uun akka qabu murtaa'uun himu. Qamoleen abbummaan sochii misooma ispoortii kanarratti bobba'an aantummaan hojjechuu akka qabanis dhaamaniiru.

Gama biraatiin istaadiyoomii ammayyaa qabaachuun walqabatee hanqinni jira jedhanii, dhimmi kun furmaata akka argatuuf qamaadhimmisaa ilaallatu waliin kan hojjetan ta'uus hubachiisaniiru.

Sochii ispoortii akka godinichaatti aanota gara garaa keessatti gaggeffamaa ture jajjabeessaa ta'uun himanii, aanota adda durummaan misooma ispoortiirratti bu'aan galmeessisanif badhaasaafi waraqaa ragaa kennaniiru.

Akka gabaasa Biirroo Dargaggoofi Ispoortii Oromiyaarraa argannetti Aanaan Ayiraa misooma ispoortiin hojji olaanaa hojjechuun waancaa badhaafamaniiru.

Kanamalees, Aanaan Bojjii Coqorsaafi Aanaan Gimbi waraqaan ragaa kan argatan yoo ta'u, hunduu misooma ispoortii nama dhuunfaarraa kaasee hanga addunyaatti biyya ofii beeksisuun danda'u milkeessuu antummaan hojjechuu akka qaban kallattiin taa'eera.

Ispoortiin madda bashannanaa qofa ta'uurrar darbee madda galii akka ta'uuf ciminan hojjechuun murteessaa ta'uun kaasanii, qorannoo gaggeffameen Aanaan Noolee Kaabbaa madda galii olaanaa argamsiisuun waancaa fudhataniiru.

Misoomni ispoortii akka godinichaatti gaggeffamaa jiru sadarkaa godin, naannoofi biyyaaradarbee addunyaarratti maqaa biyya ofii waamsisuuf karoora hiixataa ba'e xiiqin galmaan ga'uuf hunduu tumsuu akka qabu dhaamaniiru.

## Gareen kubbaa miilaa dubartootaa Seekaafaaf morkattootasaan adda baafate

### Saamraawiit Girmaatiin

**Finfinnee:** Sababa hanqina bajataatiin irra deddeebiin guyyaan dorgommii dheeraffamaa kan ture waldorgommiin Kubbaa miilaa Afrikaa Bahaafi Giddugaleessaa, qopheessummaa Taanzaaniyaatiin Adoolessa 18 hanga Hagayaa 1 bara 2015tti akka adeemsifamu beeksifameera.

Akkaadaamii Ispoortii Itoophiyaatti qophiirratti kan argamu gareen biyyalessaa dubartootaa waggaa 18 gadii yeroon dorgommii dheerachuu walqabatee guyyoota muraasaaf qophii addaan kutee turus wayita ammaa qophiitti deebi'eera.

Dheengaddas morkottootasaan adda kan baafate gareen kun taphasaa jalqabaa Ugaandaa waliin adeemsifata. Taphasaa lammataa Adoolessa 21 Taanzaaniya waliin erga adeemsifatee booda, Adoolessa 24 Burundi, Adoolessa 27 Ruwaandaa xumurarratti Adoolessa 30 Zaanzibaar waliin wajjin taphachuun durgommiisa goolaba.

Biyyoota miseensota seekaafaaf keessaa ja'a qofti kan irratti hirmaatan dorgommiin kun ramaddii tokkoon kan adeemsifamu yoo ta'u, kana keessaa kan qabxii olaanaa galmeessise injifataa dorgommichaa akka ta'u beekameera.



Garichi wayita qophii taasisutti